

BOQANNAA LAMA
BIYYAAFI MOOTUMMAA
Ibsa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattootni waa'ee biyyaa fi mootummaa ni baratu. Kunis waa'ee caasaa mootummaa, sirnota mootummaa, hariiroofi garaagarummaa biyyaa fi mootummaa gidduu jiru akka hubatan isaan gargaara. Dabalataanis, barattootni hariiroo biyyaa fi mootummaa ni qoratu. Akkasumas, barattootni akaakuu mootummota Itoophiyaa, ciminaafi hanqina isaanii ni baratu.

Jechoota ijoo

- Federaalawaa
- Mootummaa
- Peresdaantawaa
- Muummicha Ministeeraa
- Biyya

Kaayyoo Barannoo	Qabiyyee
Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattootni: ❖ Caasaalee mootummaa ni hubatu. ❖ Sirnota mootummaa garagaraa ni beeku. ❖ Hariiroofi garaagarummaa biyyaafi mootummaa ni dhugoomfatu. ❖ Gosoota bulchiinsota mootummaa Itoophiyaa ni madaalu ❖ Ciminaafi Hanqinoota gosoota mootummaa Itoophiyaa ni mari'atu.	2.1. Caasaalee mootummaa 2.2. Sirnota Mootummaa 1.3. Hariiroofi garaagarummaa biyyaafi mootummaa 1.4. Gosoota mootummaa Itoophiyaa 1.5. Ciminaafi Hanqinoota gosoota mootummaa Itoophiyaa

Wayitii kenname: 16

Barannoo 1: Caasalee mootummaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Caasaalee mootummaa ni ibsu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoon kun waa’ee caasaalee mootummaa kan ibsuudha. Sadarkaa kanatti barattootni hiikkoo jechootaa beekutu irraa eegama. Kanaafis, mata-duree barannoo gabatee gurrachaa irratti barreessuun barattootni barruullee isaanii irratti akka garagalfatan godhi. Barattootni waa’ee caasaa mootummaa haala qoodaminsa aangoo qaamoolee mootummaa giddutti taasifamu akka beekan mirkaneessaa. Caasaan mootummaa kan nutti argisiisu sirna caaseffama mootummaafi qoodaminsa aangoo dhaabbilee mootummaa giddutti ta’uu dha.

Gaaffilee Xiinxala barannoo

- Caasaa mootumma jechuun maal jechuu dha?

Deebii gaaffiilee xiinxala Barannoo

- 1. Caasaan mootummaa maali?** Caasaa mootummaa jechuun qoodinsa aangoo qaamolee mootummaa gidduutii raawwatamudha. Gabaabadhumatti, Caasseffama mootummaafi qoodaminsa aangoo dhaabbilee mootummaa gidduutti ta’udha.
- 2. Caaseffama mootummaa garaagaraa addunyaa keessa jiran adda baasi.** Caasaaleen mootummaa addunyaa keenyaa akaakuu saditti qoodamu. Isaanis: Mootummaa Tokkummaawaa, Federaalawaafi Konfederaalawaa jedhamuun beekamu. Caaasaaleen Federaalawaafi Tokkummaawaa adduyaa keenya irratti kan hedduu beekamanidha. Garuu, Mootummaan Konfederaalawaa akkas miti. Caaseffama Federaalawaa qabaachuun qofti dimookiraatawaa ykn miti-dimookiraatawaa jechuu hin dandeenyu. Federaalawaa ta’uun, wabii sirna dimookiraasiifi Caasaa tokkummawaa ta’uun miti-dimookiraatawaa hin taasisu. Biyyootni caasaa Tokkummawaa hordofan kanneen caasaa Federaalaawaa hordofaa caalaa dimookiraatawaa ta’an jiru.

Gochalee Barannoo: Marii garee, caayaa qo'achuu, qorannaa dhuunfaafi hojii garee

1. Barattootakee gareetti qoodi ykn haala taa'umsa isaaniitti fayyadami. Galmi isaa barattootni caasaa mootummaa irratti mari'achuun akka hubataban gargaara. Barattootakeef yeroo gahaa kennuufiin akka isaan yaada waliif qoodan taasisi. Erga yaada kana irratti mari'atanii booda daree isaaniif akka ibsan carraa kenniif. Barattoota yaada isaanii ibsachuun itti ulfaate gargaari. Dhuma irratti, yaada gareedhaan dhiyaate gabatee gurraacha irratti barreessuun yaada guduunfaa kenni.

Keessa Deebii Barannoo

Barannoo kana irratti barattoota kee gaaffii afaanii fi battalleettin madaaluu qabda. Gaaffileen madaallii armaan gadii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e murteessuuf si gargaara.

Barannoo 2: Caasaa Mootummaa Tokkummawaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Caasaa mootummaa tokkummaawaa ni ibsu.
- ❖ Amaloota caasaa mootummaa tokkummawaa ni tarreessu.
- ❖ Faayidaafi Hanqinoota caasaa mootummaa tokkummaawaa adda ni baafatu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, marii garee, caayaaqo’achuu, Seensa fi Ibsa , Hojii dhuunfa, callaqqee	Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee caasaalee mootummaa tokkummawaa irratti barra’an, https: // WWW. Shivajicollege. Ac. in , Andrew Hywood, 2002, Siyaasa, Maxxansa lammaffaa.

Ibsa Gababaa Barannoo

Barannoon kun hiikkoo caasaa mootummmaa tokkummaawaatiin kan eegaluu dha. Barannoon kun qabiyyee barbaachisaa boqonnaa kanaa ta’ee barattootni amalootaa, faayidaafi hanqinoota sirna caasaa mootummaa Tokkummawaa kan hubatan ta’a. Kanaafis, mata-duree barannoo gabatee gurracha irratti barreessuun barattootni barruu isaanii irratti akka kataban taasisi. Barattootakee waa’ee amaloota caasaa mootumma Tokkummawaa kan ta’e aangoo giddu galeessummaa barattootni akka hubatan taasisi. Caasaan kunis, amala aangoo qeenxee fi bulchiinsi giddu galeessaa guutummaatti aangoo bulchiinsaa hunda kan dhuunfatedha.

Gaaffilee Xiinxala Barannoo

1. Caasaa mootummaa tokkummawaa jechuun maal jechuu dha?
2. Akkamitti warreen kan irra adda ta'a?

Deebii gochaa

Barattootni gabatee armaan gadii barruu isaanii irratti haa kataban. Garee hundeessuun bakka duwwaa gabatee armaan gadii keessa jiru mara'atanii akka guutan jajjabeessi. Dura-bu'ootni garees yaada garee isaanii akka dareef dhiyyeessan godhi.

L.K	Amaloota sirna tokkummaawaa mootummaa	Faayidaa sirna mootummaa tokkummawaa	Hanqinoota mootumma tokkummawaa
1	Birmadummaan bulchiinsaa giddugaleessaan kan dhuunfatamedha.	Hooggansa wal-fakkataa kenna.	Hooggansa bu'a qabeessa laachuun ulfaataadha.
2	Manni maree gadaanaan, mana maree giddu galeessaa irratti hirkatoodha.		Kuufamuu aangoo
3	Naannoleen kan birmaddummaa hin qabneefi mootummaa giddu galeessaa irratti hirkatoodha.	Tajaajial wal-qixa ta'e uummataaf kenna.	Aangootti seera malee fayyadamuu
4	Mootummaangiddugaleessaa seeraan olaantummaafi aangoo hin daangofne qaba.	Waldhabdee qoodinsa aangoo mootummaa giddu galeessaafi naannolee jidduutti jiru hambisa.	Heddummina/ garaagarummaa naannoleef beekamtii hin laatu.

Gocha Barannoo

Akkaataa teessuma mijataa ta’etti barattootakee gareedhaan qoodi. Galmi isaa barattootni akka amaloota, faayidaafi hanqinoota caasaa mootummaa tokkummaawaa akka hubatan taasisuudha.

Barattootni mootummaa tokkummaawaa jiran tarreessuun akka wal-jijjiran godhi. Dhuma irratti, yaada cuunfaa barattootni dhiyyeessan gabatee gurracha irratti katabi.

Keessa deebii Barannoo

Guduunfaa barannoo erga laatee booda, gaaffii afaaniifi battalleetiin madaaluu dandeessa. Dabalataanis, barattootni dhuunfaan barannoo kana hubachuu isaanii hordoffi cimaa godhi. Gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hagam galma akka ga’e murteessuuf si gargaara.

Barannoo 3: Caasaa mootummaa Federaalawaa**Xumura barannoo kanaatti barattootni:**

- ❖ Caasaa mootummaa Federaalawaa ni ibsu.
- ❖ Amaloota caasaa mootummaa Federaalawaa ni tarreessu.
- ❖ Faayidaafi hanqinoota caasaa mootummaa Federaalawaa adda ni baafatu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, marii garee, seensaafi ibsa, hojii dhuunfaa, callaqqee, hooggansi naannoo muuxannoo akka qooduuf afeeri	Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee caasaalee mootummaa federaalawaa irratti barra'an, https: // WWW. Eolss.net , Andrew Hywood, 2002, politics, second eddiitiins.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoon kun hiikoo caasaa mootummaa federaalawaatiin kan eegaludha. Dabalataan barannoon kun qabiyyee barbaachisaa boqonnaa kanaa ta'ee barattootni amalootaa, faayidaafi hanqinoota sirna caasaa mootummaa federaalawaa kan hubatan ta'a. Mootummaa Federaalawaa jechuun caasaa mootummaa yoo xiqqate bulchiinsa sadarkaa lama qaburraa kan ijaaramedha. Isaan kunneenis mootumma giddu galeessaafi mootummoota naannoleetti kan goodamanidha.

Gaaffilee xiinxala Barannoo

- Caasaa mootummaa Federaalawaa jechuun maal jechuudha?

Deebii gaaffilee marii

- ⇒ Heera Mootummaa FDRI Keeyyata 51 fi 52 ilaaluun maal akka ibsuhubadhu.
- ⇒ Aangoon mootummoota naannolee maal fa'i?
- ⇒ Akka keeyyata 52 irratti ibsameetti aangoofi gahee mootummaa federaalaa ibsi.

Keeyyatni 51 gaheefi aangoo mootummaa federaalaa kan ibsu yommuu ta'u keeyyatni 52 immoo aangoofi gahee mootummoota naannolee ibsa. Keeyyatni kun kan ibsu aangoo mootummaa Federaalaa qofaaf ykn aangoon waloo kan hin taane aangoo mootummoota naannooleef kan kennamedha.

Fakkeenyaafkeeyyata 51 irrattiaangoofi gaheen mootummaa Federaalaasirriitti ibsamee jira. Bu'uura keeyyata kanaan aangoofi gaheen mootummaa Federaalaa Itoophiyaa kan ta'an: mallaqa maxxansuu, bu'uuraalee misoomaa daangaa ce'an hoogganuufi qabeenyawan murteessoo ta'an to'achuu. Karaa biroo immoo aangoo mootummoota naannolee kan ta'an heeraafi seera naannoo isaanii baasuufi raawwachiisuu, humna poolisii naannoo isaanii gurmeessuufi hoogganuu, nagaafi tasgabbii naannichaafi mirga ofiin of bulchuu mirkaneessuu, duudhawwan dimookiraasii hojii irra oolchuu, olaantummaa seeraa mirkaneessu, heera federaalaa kabajuufi kabachiisuu fa'i.

Deebii gocha 1

T/ L	Deebi i	Aangoofi Gahee		Qaamolee Bulchiinsa
1	B	Imaammata dhimma alaa baasuufi raawwachiisuu; waliigateewwan addunyaa mirkaneessuu.		
2	A	Humna poolisii naannoo gurmeessafi hogganuu, nagaafi tasgabbi naannoo eeguu.	A.	Mootummoota naannoolee
3	B	Imaammataafi tarsiimoo maallaqaafi investmentii alaa baasuufi raawwachiisuu		
4	A	Heeraafi seera naannoo baasuufi raawwachiisuu.		
5	B	Imaammata, tarsiimoofi sagantaa siyaas-dinagdeefi hawaasummaa walii-galaa baasuufi raawwachiisuu.		
6	B	Seera ittifayyadamaafi kunuunsa lafaa, qabeenya uumamaafi hambaalee seenaa baasuu.		Mootummaa Federaalaa
7	B	Humna raayyaa ittisa biyyaafi polisii federaalaa ijaaruufi hoogganuu.	B	
8	B	Dhimma lammummaan wal qabatu murteessuu.		

Deebii gocha 2: Gabatee armaan gadii barruu keessan irratti katabuun gareen mari’adhaatii bakka duwwaa kenname irrati deebii sirrii ta’e guuti.

L. k	Amaloota sirna federaalaa	Faayidaa sirna Federaalaa	Hanqina sirna Federaalaa
1	Aaangoo hirachuu (qooddachuu)	Garaagarummaa keessummeessuu	Qisaasa’ina baasiifi yeroo
2	Manni maree gad aanaan mana maree giddu- galeessaa kan wal deggaraniidha.	Baay’ina uummata hedduufi daangaa bal’aaf mijataadha.	Teessuma lafaa walitti fufiinsa hin qabneef mijataa miti
3	Mootummaan giddu galeessaa seeraan ol’aantummaa aangoo naannolee irratti qaba.	Heddummina kan keessummeessuu dha	Wal-dhabdee seerota bahan gidduutti mudatu

Deebii Caayaa

1. Caayaa kana keessatti duudhaa caasaa sirna federalaan walitti bu’u jira jettanii yaadduu?
- Qajeelfamoota bu’uura sirna Federaalawaa keessaa qoodinsi aangoo heeraan kennamuu dha.Motummaa Federaalaafi mootummootni naannolee aangoofi gahee mataa isaanii kan qabaniifi aangoo waloo kan waliin qabanidha. Akka caayaa armaan oliitti mootummaan Federalaa seeraan ala dhimma naannolee keessa seeneera.
2. Hoggantootni naannolee maaliif ajaja laatame diduun hojii raawwachiiftota aangoo irra tursiisan?
- Caasaa mootummaa federaalaa keessatti, naannoleen qaamolee bulchiinsa sadan hundeessuuf aangoo qabu. Kunis, naannoleen qaama hoji-raawwachiiftuu hundeessuun mirga ofiin of bulchuu mirkanneessuu danda’u.

Gocha Barannoo

Haala teessumaa mijataa ta'etti barattoota gareedhaan qooduun Heera MFDRI akka hubatan taasisi. Galmi isaa barattootni akka amaloota, faayidaafi hanqinoota caasaa mootummaa Federaalawaa akka hubatan taasisudha. Dhuma irratti, yaada cuunfaa barattootni dhiyeessan gabatee gurracha irratti katabi.

Keessa deebii Barannoo

Waa'ee barannoo kanaa irra deebi'uun yaadachiisi. Guduunfaa barannoo erga laatee booda, af-gaaffiifi battalleettin madaaluu dandeessa. Dabalataanis, barattootni dhuunfaan barannoo kana hubachuu isaanii hordoffii cimaa godhi. Gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e murteessuuf si gargaara.

Barannoo 4: Caasaa Mootummaa Konfederaalawaa**Xumura barannoo kanaatti barattootni:**

- ❖ Caasaa mootummaa Konfederaalawaa ni ibsu.
- ❖ Amaloota caasaa mootummaa Konfederaalawaa ni tarreessu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoon kun hubannoo caasaa mootummaa Konfederaalawaa kennuun kan eegaludha. Mata duree barannichaa gabatee guraacha irratti barreessuun barattoonti barruulee isaanii irratti akka kataban godhi. Caasaa Konfederaalawaa keessaatti, mootummaan giddu galeessaa

laafaafi miseensotni isaa immoo cimaa ta'uu barattotaaf ibsa kenni. Osoo sirna Federaalawaa hin hordofin dura biyyootni akka Ameerikaa caasaa Konfederaalawaa hordofaa turan. Yeroo ammaa kana caasaan kun karaalee dhaabbilee naannoolee, ardiileefi Idil addunyaatiin mul'ata.

Gaaffilee xiinxala Barannoo

- ⇒ Konfederaalawaa jechuun maal jechuudha?
- ⇒ Mootummaan akka kanaa addunyaa irra jiraa?

Deebii gaaffilee marii: Marii Garee

1. Kon-federeesheniin akaakuu caasaa biyyaati moo dhaabbata diinagdee waloo kan caaccuulee biyyaa of keessaa hin qabneedha?
 - ☞ Konfedersheeniin dhugummaatti caasaa biyyota addunyaa irratti xinnaa ta'edha. Sirni kun dhibbantaadhaanis ta'e seenaadhaan addunyaa ammaa keessatti baay'ee xiqqaadha. Caasaan kun kan uumamu waliigaltee qindoomina biyyoota walabummaa qabaniin kan kaayyoo walootiif walitti dhufanidha. Fakkeenyaaf, Sirna naannoolee Siwizeerlandiifi Konfedereeshinii mootummoota Ameerikaa (1861-1865) fa'i.

Addunyaa ammayyaa keessatti biyyootni walitti dhufuun qindoomina uummachuun hariiroo gidduu isaanii sadarkaa ol'aanaatti guddisaa jiru. Gabaabumatti, biyyootni ykn uummatni walitti dhufuun michummaa uumuun konfedereeshinii jedhama. Caasaa kana keessatti miseensotni ofiin kan of bulchaniifi garuu immoo fedhiidhaan dhimma walootiif kan hojjetanidha. Fakkeenyaaf, Gamtaa Awurooppaa (EU), Gamtaa Afriikaa (AU).

Kanaafuuu, addunyaa ammayyaa keessatti, Konfedereeshiniin kan mul'atu akka dhaabbata waloo dinagdee kan caacculee mootummaa of keessaa hin qabneefi caasaa mootummaa hin qabnetti ilaalama. Kaayyoo ijoo Konfedereesheenii kan ta'an keessaa muraasni: Ittisa waloo, tajajila poostaafi wal quunnamtii waloo, dhimmoota daldalaafi tokkummaa aadaa jajjabeessuudha.

Gocha Barannoo

Akkaataa taa'umsa mijataa ta'etti barattootakee gareedhaan qooduun beekumsa waa'ee Konfedereeshinii akka waliif qoodan godhi. Barattootni, dhaabbileen naannoleefi Idil addunyaa akka fakkeenyaatti fudhachuun waa'ee caasaa Konfedereeshinii akka himan taasisi. Dhuma irratti, yaada cuunfaa barannoo kanaa, gochaalee, af-gaaffiifi battallee kennuun madaali.

Barannoo 5: Sirnoota Mootummaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Sirna mootummaa jechuun maal akka ta’e ni himu.
- ❖ Sirnoota mootummaa adda ni baafatu.

Ibsa gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni hiikkoo sirna mootummaa ni laatu. Sirna mootummaa jechuun hariiroo qaamolee seera raawwachiiftuu, seera tumtuufi seera hiiktuu gidduu jiru jechuudha. Mootummaan kunis yommuu seera raawwachiiftuufiseera tumtuun addatti uummataan filataman sirni kun Peresdaantawaa jedhama. Sirna Paarlaamawaa immoo yommuu qaamni seera raawwachiiftuun qaama mana maree (seera tumtuu) keessaa filatamanidha.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- ➔ Sirni mootummaa maali?
- ➔ Akkamitti gosoota mootummaa irraa adda baafta?

Gochaalee Barannoo

Sirna Konfederesheenii gabatee gurracha irratti barreessuun barattootni barruulee isaanii irratti akka kataban gochuun mari’achiisi. Marii booda barattootni muuxannoofi yaada isaanii walii akka qoodan taasisi.

Keessa deebii Barannoo

Gudunfaa barannoo erga laatee booda, gaaffii afaaniifi battalleetiin madaaluu qabda. Dabalataanis, barattootni dhuunfaan barannoo kana hubachuu isaanii hordoffii cimaa godhi. Gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hagam galma akka ga’e murteessuuf si gargaara.

Barannoo 6: Sirna Paarlaamawaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Sirna Paarlaamawaa ni ibsu.
- ❖ Amaloota sirna Paarlaamawaa ni tarreessu.
- ❖ Faayidaafi hanqina sirna Paarlaamawaa adda ni baafatu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni hiikkoo sirna Paarlaamawaa ni laatu. Sirna Paarlaamawaa jechuun qaamni seera raawwachiiftuun seera tumtuu irraa adda bahuun itti waamamni isaanii seera tumtuuf ta'edha. Sirni kun amaloota dursaa biyyaa (Peresdaantii) maqaaf qabaachuufi aangoo murteessaan dursaa mootummaa (Muummicha Ministeeraan) kan dhuunfatamedha.

Gaaffilee Xiinxala Barannoo

- Akkaakuun sirna Paarlaamawaa maali?
- Itoophiyaan sirna Paarlaamawaa hordofti yommuu jennu maal jechuu keenya?

Deebii hojii manee

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensaafi ibsa ,hojii dhuunfaa, marii gareefi callaqee	- Kitaabilee, maxxansaaleefi barruulee sirna bulchiinsa Paarlaamawaa irratti barra'an, - Andrew Hywood, 2002, politics, second eddition.

Deebii hojii manee

Sardarkaa aangoo dursaa biyyaa (Peresdaantii) fi dursaa mootummaa Itoophiyaa keessatti hubachuudhaaf heera MFDRI keeyyata 71 fi 74 isa kamtu aangoo hojiraawwachiisummaa isa dhugaafi aangoo maaqaaf ta'e akka qabu ilaali?

Keeyyatni 71 aangoofi gahee Peresdaantii ibsa. Haaluma kanaan, aangoon Peresdaantii: baniinsa wal ga'ii mana maree lamaanii gochuu, seerotaafi waliigalteewwan idil addunyaa manni maree bakka bu'oota uummataa akka heera kanaatti raggaase Nagaarit Gaazexaan labsuu, Ambaasadarootaafi namoota ergama addaa bakka bu'an muuduufi simannaa Ambaasaaddaroota biyyoota biroo gochuu akkasumas, badhaasa meedaaliyaafi kennaa adda addaa raawwachuu, sadarkaa geggeessitoota waraanaaf kennuufi dhiifama akkaataa bu'uura seeraatiin gochuu fa'i. Keeyyatni 74 kan ibsu aangoofi gahee Muummich Ministeeraati. Muummichi Ministeeraa aangoo murteessaa biyyatti keessatti kan qabudha.

Akka keeyyata kanaatti Muummichi Ministeeraa dursaa hojii raawwachiiftuu mana maree ministeerotaafi hoogganaa humna raayyaa ittisa biyyaati. Inni (isheen) ministeerota kaadhimuu, hojii irra oolmaa seeraa, imaammata, qajeelfamootaafi murteewwan garaagaraa mana maree Bakka Bu'oota Uummataan akka mirkanaa'u taasisuu.

Gocha Barannoo

Mata duree gabatee gurracha irratti barreessuun barattootni barruulee isaanii irratti akka kataban gochuun mari'achiisi. Marii booda barattootni muuxannoofi yaada isaanii walii akka qoodan taasisi.

Keessa deebii Barannoo

Gudunfaa barannoo erga laatee booda, af-gaaffiifi battalleettin madaaluu ni dandeessa. Dabalataanis, barattootni dhuunfaan barannoo kana hubachuu isaanii hordoffii cimaa godhi. Gocha kennameef akka of danda'anii hojjetan mirkaneeffadhu.

Barannoo 7: Sirna Peresdaantawaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Sirna Peresdaantawaa ni ibsu.
- ❖ Amaloota Sirna Peresdaantawaa ni tarreessu.

Ibsa gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni hiikkoo sirna Peresdaantawaa ni laatu. Sirna bulchiinsa Peresdaantawaa jechuun sirna bulchiinsaa ta'ee yommuu Peresdaantiin dursaa biyyaafi mootummaa ta'udha. Peresdaantiifi manni maree kallattiin uummataan kan filatamaniifi itti waamamni isaanii uummataaf kan ta'edha.

Gaaffilee Xiinxala Barannoo

- Sirna bulchiinsa Peresdaantawaa jechuun maali?
- Maaliif Peresdaantii Ameerikaa, Muummicha Ministeeraa Itoophiyaa irratti xiyyeeffanna? Kunis attamitti ta'e?

Gochaa Barannoo

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, Seensaafi Ibsa , Hojii dhuunfaa, marii gareefi callaqqee	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee sirna bulchiinsa Peresdaantawaa irratti barra'an, - Andrew Hywood, 2002, politics, second edition.

Waa'ee sirna bulchiinsa Peresdaantawaa gabatee gurracha irratti barreessuun barattootni barruulee isaanii irratti akka kataban gochuun mari'achiisi. Marii booda barattootni muuxannoofi yaada isaanii walii akka qoodan taasisi. Qaamni seera raawwachiiftuu murteessoon USA keessatti Peresdaantii akka ta'eefi Ingiliiziifi Itoophiyaa keessatti maaaliif Muummicha Ministeera akka ta'e gaafadhu. Kun kan ta'uu danda'eef sababa sirna bulchiinsaa ta'uu isaa ifa gochuufii qabda.

Keessa deebii Barannoo

Guduunfaa barannoo erga laatee booda, gaaffii afaaniifi battalleetiin madaaluu dandeessa. Dabalataanis, barattootni dhuunfaan barannoo kana hubachuu isaanii hordoffii godhi. Gocha kennuufiin akka of danda'anii hojjetan mirkaneeffadhu.

Barannoo 8: Hariiroofi Garaagaruummaa Biyyaafi Mootummaa**Xumura barannoo kanaatti barattootni:**

- ❖ Hariiroo biyyaafi mootummaa ni himu.
- ❖ Garaagarummaa biyyaafi mootummaa ni ibsu.

Ibsa gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni hariiroo biyyaafi mootummaa gidduu jiru addaan ni baafatu. Yaad-rimeen biyyaa bal'aa kan ta'eefi mootummaa of keessatti kan hammatudha. Haata'u malee, mootummaan yaada addaa seera tumtuu, raawwachiiftuufi seera hiiktuu qofa of keessatti kan qabatudha. Bakka mootummaa hin jirretti biyyi jiraachuu hin danda'u.

Gaaffilee Xiinxala Barannoo

- ❖ Biyyaafi mootummaa wal fakkatoodhaa?
- ❖ Yoo miti ta'e garaagarummaan isaanii maali?

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, Seensaafi Ibsa , Hojii dhuunfaa, marii gareefi callaqqee	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee sirna bulchiinsa Peresdaantawaa irratti barra'an, - Bahiru Zewude, Modern Ethiopian History.
L.K	Biyya	Mootummaa
1	Dhaabbataadha	Ni jijjirama
2	Namni isa malee ni jiraata	Dhala namaattii adda hin bahu
3	Bal'aadha	Dhiphaadha
4	Qabatamaa miti	Qabatamaadha

Tarsiimoo Barannoo

Hiikni dogongoraa biyyaafi mootummaan akka wal fakkaataniifi akka tokko ta’aniitti ilaaluun ni jira. Dogongora kana ifa gochuuf dursii barattootni garaagarummaafi wal fakkii biyyaafi mootummaa gidduu jiran akka barreessan taasisi. Gareen qooduun akka irratti mar’atanii callaqqee laatan isaan jajjabeessuunm hubannoo wal-fakkaataa akka qabataan godhi.

Keessa Deebii Barannoo

Guduunfaa barannoo erga laatee booda, baratttootni kee yaad-rimee murteessoo ta’an hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun adda baafadhu. Dabalataanis, barattootni dhuunfaan barannoo kana hubachuu isaanii hordoffii godhi. Gocha kennuufiin akka of danda’anii hojjetan mirkaneeffadhu.

Barannoo 9: Gosoota Mootummaa Itoophiyaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Akaakuwwan (gosoota) Mootummaa Itoophiyaa tarreessi.
- ❖ Garaagarummaa gosoota mootummaa Itoophiyaa waliin madaali.

Ibsa gabaabaa Barannoo

Barannoon kun gosoota mootummaa Itoophiyaa garaagaraa adda baasuun jalqaba. Itoophiyaan muuxannoo biyya bulchiinsa sirna moototaan umurii dheeraa qabdudha. Innis hanga bara 1974tti kan turedha. Mootummaan hooggansa waraanaa (Dargii) waggaa 17f hanga bara 1991 kan bulchedha. Bara 1991 irraa eegalee Dargiin AWDUI tiin bakka bu'e.

Gaaffilee Xiinxala Barannoo

- Waa'ee gosoota (akaakuwwan) mootummaa Itoophiyaa dhageessee beektaa?
- Akaakuwwan (gosoonni) mootummaa Itoophiyaa keessa turaniiruu?

Deebii Gochaalee

Waa'ee bulchiinsa moototaa, Dargiifi AWDUI irratti mari'achiisii dareef akka qoodan godhi. Sirni kun sirna mootiin durfamuufi bulchiinsa ol'aantummaafi hooggansa giddu galeessaatiin ta'edha. Aangoon karaa sanyii mootiidhaan kan darbudha. Bu'uuruma kanaan akka heera bara 1931 keeyyata 4 irratti ibsametti aangoofi gonfoon mootichaan kan darbu sanyii isaaf qofaan akka ta'e ibsa.

Mootichi aangoo seera tumuu, raawwachiisuufi seera hiikuu qaba. Mootichi caasaa mootummaa tokkummaawaa diriirsuun aangoo dhuunfachuun akkuma jirutti ta'ee garuu heerri kun mana maree lama of keessaa akka qabu ibseera. Garuu, dhufaatii mootummaa Dargiin booda hafuu danda'eera. Mootummaan Dargii sirna dinagdeefivsiyaasa Soshaalizimiifi Peresdaantawaas gaggeessaa ture. Innis, aangoo sanyiindarbudhaabuun mootummaafi amantii addaan baaseera. Hata'uu malee, hojjettootni aangoo olaanaa akka qabaatan taasiseera.

Mootummaan Dargii bara 1991tti erga kufeen booda biyyattiin sirna bulchiinsa Paarlaamaan buluu eegalte. **Sirna Rippaabiliikaa** jechuun sirna biyyi bakka bu'oota lammiileen bultudha. Gabaabumatti, Rippaablikawaa jechuun, bulchiinsa uummataan filatamedha.

Callaqqeewwan amaloota sirna Rippaabilikawaa kan ta'e keessaa ijoon: filannoo walabaa, haqa qabeessaafi wayitawaa geggeessudha. Erga heerri bara 1995 ragga'ee booda filannoon hedduun hanqinni yoo jiraateyyuu geggeeffamaniiru.

Gocha Barannoo

Karaa salphaan mata-duree ittiin ibsitu gaaffilee murteessoo ta'an kaasi. Akaakuwwan mootummaa Itoophiyaa gabatee gurracha irratti barreesssuun barattootni barruulee isaanii irratti waa'ee sirna moototaa, Dargiifi sirna 1991 boodaa maatii isaanii gaafatanii akka barreessan godhi.

Keessa deebii Barannoo

Gudunfaa barannoo erga laatee booda, barattootni yaa-rimee murteessoo ta'an hubachuu isaanii gaaffii gaafachuun adda baafadhu. Dabalataanis, barattootni dhuunfaan barannoo kana hubachuu isaanii hordoffii cimaa godhi. Gocha kenniifitii akka of danda'anii hojjetan mirkaneeffadhu.

Barannoo 10: Ciminootaafi Hanqinoota gosoota mootummaa Itoophiyaa**Xumura barannoo kanaatti barattootni:**

- ❖ Cimina akaakuwwan mootummaa Itoophiyaa ni tarreessu.
- ❖ Hanqinoota mootummaa Itoophiyaa garaagaraa ni ibsu.

Ibsa gabaabaa Barannoo

Barannoon kun ciminaafi hanqinoota mootummaa Itoophiyaa garaagaraa adda baasuun kan madaaludha. Sirni moototaa ijaarsa biyyaa keessatti gahee qabaatus heddumminaaf (diversity) beekamtii hin Dargiin gumaacha lafa qonnaan bulaaf hiruufi duula barnootaa geggeessus sarbiinsa mirga dhala namaan himatama. Mootummaa bara 1991 booda hundeeffame heddumminaaf beekamtii laatus, heddummina kana hoogganuuf rakkoon isa mudateera.

Gaaffilee Xiinxala Barannoo

- Sirna moototaa cimina qaba jettee yaaddaa?
- Mootummaan Dargii Itoophiyaa keessatti milka'eeraa?

Deebii Gochaalee

Osoo gara mariitti hin ce'in dura ciminootaafi hanqinoota bulchiinsa Mootii (H/silaasee), Dargiifi AWDUI tarreessi. Dareekeef callaqqee kenni.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, Seensaafi Ibsa , Hojii dhuunfaa, marii gareefi callaqqee	- Kitaabilee, hanqinoota Maxxansaaleefi barruulee ciminootaafi hanqinoota akaakuwwan bulchiinsa Itoophiyaa irratti barra'a - Bahiru Zewude, Modern Ethiopian History.

	Ciminoota	Hanqinoota
Sirna Mootii	• Birmadummaa biyyaa kabachiisuu • Hariiroo idil adduynaa (diplomacy) cimsuu • Heera barreeffamaa bu’uureessuu • Biyya hundeessuu	• Hedduminatti hin amanu • Aangoo sanyiindabarsuu • Amantiif mootummaan addaba’anii jiraachuu dhabuu • Sirni paartiilee dhibuu
Dargii	• Birmadummaa biyyaa kabachiisuu • Lafa qonnaan bulaaf hiruu • Duula barnootaa geggeessuu • Biyya tokkummeessuu • Amantaafi mootummaa addaan baasuu	✓ Sarbiinsa mirga dhala namaa ✓ Heddumminaaf iddoo kennuu dhabuu ✓ Waraana waliin waliiniifi biyyoota ollaa walin babal’suu ✓ Sirna paartii tokkee hordofuu
AWDUI	• Birmadummaa biyyaa kabachiisuu • Hariiroo idil adduynaa cimsuu • Mirga hiree ofii ofiin murteeffannaa mirkaneessuu • Babal’ina bu’uuraalee misoomaa • Heddumminapaartiilee jajjabeessuu • Heddummina keessatti tokkummaa • Mirgaa afaan ofii fayyadamuu • Amataafi mootmmaa addana baasuu	✓ Dhaadessummaa saba ofii ✓ Aadaa gidduutti addaa addummaa babal’ise.

Gocha Barannoo

Waa’ee ciminaafi hanqina mootummaa Itoophiyaa keessaa hoj-manee kenni. Barattootni namoota waa’ee qabiyyee kanaa beekan hawaasa keessaa gaafatanii dareedhaaf callaqqee haa dhiyyeessan. Xumura irratti yaada guduunfaa laadhu.

Keessa deebii Barannoo

Guduunfaa barannoo erga laattee booda, af-gaaffiifi battalleedhaan madaaluu ni dandeessa. Dabalataanis, barattootni dhuunfaan barannoo kana hubachuu isaanii hordoffii cimaa godhi. Gocha kenniifitii akka of danda’anii hojjetan mirkaneeffadhu.

Deebii gaaffilee keessa deebii boqonnaa

T.L	I. Dhugaa/Soba		II. Filannoo		III. Walitti firoomsii
1	Dhugaa	1	C	1	C
2	Soba	2	D	2	B
3	Dhugaa	3	A	3	A
		4	B		

Kutaa IV

1. Sirna Paarlaamawaa jechuun maali?

Sirna Paarlaamawaa jechuun qaamni seera raawwachiiftuu mana maree bakka bu'oota uummataa (seera tumtuu) keessaa kan filatamu ta'ee itti waamamni isaa mana marichaatiif kan ta'edha. Qaamni seera raawwachiiftuu ministeerota muummicha ministeeraan kan kadhimaman ta'ee miseensa mana maree bakka bu'ootaan kan muudamanidha. Sirni kun walitti makamiinsa Qaama seera tumuufi raawwachisuu ta'ee qaamni seera raawwachiistuu itti waamamni isaa seera tumtuuf ta'a. Paarlaamawaan sirna hojii raawwachiiftuu isa dhugaa kan ta'e Muummicha ministeera (dursaan bulchiinsa) seera tumtuuf itti waamamaadha.

2. Caasaa KonFederaalawaa jechuun maal jechuudha?

Konfedereesheeniin kan ittiin ibsamu dhaabbata dinagdee waloo, kan caacculee biyyaa of keessaa hin qabneefi caasaa biyyaa kan ta'edha. Galma ijoo Konfedereeshinii kan ta'an kanneen akka ittisa waloo, tajaajila poostaa waliinii, walitti hidhata walquunnamtii, daldaala waliiniifi tokkummaa aadaa jajjebeessuudha. Akkaataa saayinsii ammayyaatiin, falmiin jiru kon-federeeshiniin akaakuu mootummaati moo haala biroottiin ibsama kan jedhudha. Konfedereeshiniin kan hundeeffamu yeroo uummatni ykn biyyootni walitti dhufuun garee uumanidha. Sirna Konfedereeshinii keessatti tokkoo tokkoon miseensa garichaa fedha isaaniitiin waliigaltee uumuun kaayyoo walootiif kan waltumsanidha.

Haaluma kanaan caasaan konfedereeshinii yoo laafes, miseensotni garichaa haalduree tokko malee birmadummaan isaanii ni eeggama. Konfedereeshinii keessatti qaamni Haata'u malee hojiiwwan waloo kunniin fedhii miseensotni garichaa kennan irratti hunda'a. Kutaalee biyyaa Siwiziilandiifi Gamtaa'inni biyyoota Ameerikaa (1861-1865) fakkeenya gaarii akaakuu mootummaa Konfederaalawaati.

BOQONNAA SADII

DIIMOKIRAASII

Ibsa Boqonnichaa

Boqonnaan kun jecha hawaasa biratti beekamaa ta’e waa’ee Diimokiraasii barsiisa. Kun immoo yaad-rimee diimokiraasii, qajeelfamootaafi sonawwan bu’uuraa diimokiraasii, akkasumas barbaachisummaa sonawwanifi jaarmiyaalee diimokiraasii xabboo akka hubataniif kan gargaarudha. Dabalataanis hudhaaleefi carraalee diimokiraasii Itoophiyaa hubachuudhaaf gargaara. Kanaafuu, hiika dogongoraa akka itti hin kennineef gadi fageenyaan waa’ee diimokiraasii hubachuu qabda.

Jechoota Ijoo

- ⇒ Birmadummaa Filannoo
- ⇒ Heera
- ⇒ Bilisummaa
- ⇒ Uummata
- ⇒ Jarimiyaalee Xabboo
- ⇒ Sona
- ⇒ Olaantummaa Seeraa
- ⇒ Qajeeltoowwan

Kaayyoo	Qabiyyee
Xumura boqonna kanaatti barattootni:	
➤ Yaad-rimee diimokiraasii ni hubatu.	3.1 Yaad-rimee Diimokiraasii
➤ Sonawwaniifi qajeelfamoota bu’uuraa sirna diimokiraasii ni beeku.	3.2 Qajeelfamoota Bu’uuraa Sirna Diimokiraasii
➤ Hawaasa isaanii keessatti sonawwaniifi jarimiyaalee diimokiraasii xabboo ni xiinxalu.	3.3 Sonawwan Diimokiraasii
➤ Hudhaaleefi carraawwan diimokiraasii Itoophiyaa ni qoratu.	3.4.Barbaachisummaa Sonawwaniifi Jarimiyaalee Diimokiraasii Xabboo
	3.5.Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa

Wayitii kenname: 16

Barannoo 1: Yaad-rimee Diimokiraasii

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Yaad-rimee diimokiraasii ni ibsu.
- Jireenya diimokiraatawaa ta'e ni dinqisiifatu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensaafi ibsa, marii gareefi dhiyeessa, shaakala dhuunfaa	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee diimokiraasii irratti barraa'an. - Andrew Heywood, 2002, Politics, 2nd edition

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni yaad-rimee diimokiraasii ni baratu. Yaad-rimeen diimokiraasii hiika garaagaraa qaba. Haata'u malee, hiikni hunda isaanii maddi aangoo mootummaa **uummata** ta'uu ibsu. "Diimokiraasiin bulchiinsa uummataa, uummataaf, uummataan" (Abraham Linkan). Qajeeltoowwan diimokiraasiis dameewwan diimokiraasii ibsanidha. Sonawwan diimokiraasii hirmaannaa diimokiraasii kan cimsanidha.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- Diimokiraasiinmaali?
- Akkamitti hubatta?
- Akka fedha keetti hojjechuun diimokiraasiidha jettee yaaddaa?

Deebii gocha 1

1. Bulchiinsi mana barumsaa 'Z' diimokiraatawaadhaa? Maaliif?

Bulchiinsi mana barumsichaa diimokiraatawaa miti. Dura bu'aan mana barnootichaa aangoo waan dhuunfateef, barattoota, barsiisotaafi hojjetoota waliin walitti dhufeenya gaarii ta'e hin qabu. Dhabamuun aadaa waldanda'uu gama afaaniin, amantaafi eenyummaa amala sirna diimokiraasii miti. Ijoolleen sooreyyiin muraasni ilaalcha jibbiinsaa kanneen biroo irratti qabaachuun, barattootni muraasni osoo yeroon hin ga'in daree gadi lakkisanii ba'uun, isaan hafan immoo marsariitiwwan hawaasaa garagaraa fayyadamuun; barsiisotni muraasnis barattoota maatiin sooreyyii ta'an gammachiisuu malee kanneen hafan irraa dhimma dhabuun amala sirrii hin taaneefi mana barumsaa sana keessatti sirreeffamuu kan qabudha.

Gocha barannoo

Karaa salphaan mata-duree tokko ittiin barsiifnu gaaffii mata-duree diimokiraasii waliin wal qabatu gaafachuudhaan, mata-duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootni barruulee isaanii irratti barreeffatanii akka mari’ataniifi ibsan gaafachuunidha. Yeroo kanatti hubannoo sirrii waa’ee diimokiraasii barattootakeef kennuu qabda. Kun kan ta’eef, irra caalaan namootaa seer-maleessummaan, akkafeeten hojjechuun ykn hokkara jechuun hiika diimokiraasii garmaleen waan hubataniif.

Keessa deebii barannoo

Guduunfaa barannoo kanaa kennuu, gaaffilee shaakalaa afaaniin ykn battalleen kennuun hordofuu. Gaaffileen madaallii kunniin kaayyoleen barannoo kanaa hangam akka galma ga’e beekuudhaaf sigargaara.

Barannoo 2: Qajeeltoowwan Bu’uura Diimokiraasii

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Qajeelfamoota bu’uura diimokiraasii ni tarreessu.
- Tokkoon tokkoo qajeelfamoota bu’uura diimokiraasii ni ibsu.
- Qajeelfamoota bu’uura diimokiraasii ni shaakalu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensaafi ibsa, marii gareefi dhiyeessa, shaakala dhuunfaa	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee diimokiraasii irratti barraa’an. - Andrew Heywood, 2002, Politics, 2nd edition

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni qajeeltoowwan diimokiraasii adda baasuun baratu. Qajeeltoowwan kunniin dameewwan diimokiraasii ibsu. Isaanis: birmadummaa uummataa, ol’aantummaa heeraa, hirmaannaa lammiilee, qoqqodamiinsa aangoo, gargar ba’iinsa mootummaafi amantaa, ittigaafatamummaafi iftoomina, filannoo bilisa, haqa-qabeessaafi yeroosaa eeggate, kabajamuu mirga namoomaa, jiraachuu siyaas-daneessaafi ol’aantummaa seeraati.

Barannoo kana keessatti, birmadummaa uummataa, ol’aantummaa heeraa, hirmaannaa lammiilee, qoqqodamiinsa aangoo, gargar ba’iinsa mootummaafi amantaa, itti gaafatamummaafi iftoomina qofa baratu.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- Hiikkaa diimokiraasii akkamitti hubatta?
- Akkamitti ibsita?

Deebii hojii garee

- Gaaffii: Qajeeltoowwan bu’uura diimokiraasii adda baasuun dareef dhiyeessi.

Hiika diimokiraasii irratti waliigalteerra ga'uun ulfaataadha. Haata'u malee, diimokiraasiin karaa qajeeltoowwan isaa kan akka birmadummaa uummataa, ol'aantummaa heeraa, hirmaannaa lammiilee, qoqqodamiinsa aangoo, gargar ba'iinsa mootummaafi amantaa, ittigaafatamummaafi iftoomina, filannoo bilisa, haqa-qabeessaafi yeroosaa eeggate, kabajamuu mirga namummaa, jiraachuu siyaas-daneessaafi ol'aantummaa seeraan ifuu ni danda'a.

Deebii marii garee Gaaffii:

Heerri MFDRI keeyyatni 9/1 akkas jechuun ibsa. 'Seerri, barmaatileen hojii ykn murtiin qaama mootummaa ykn Abbaa Taayitaa kamiyyuu heera kanaan kan wal-faallessu raawwatamummaa hin qabu. Kun maal ibsa?

Deebii: Biyyi tokko qaama seerawwan gara garaa kanneen akka seera hariiroo hawaasaa, seera adaba yakkaa, seera bulchiinsaafi kkf qabaachuu ni dandeessi. Haata'u malee, heerri isaan kunniin irratti ol'aantummaa qaba. Heerri seera ol'aanaa biyyattii waan ta'eef seerotni heera kanaan faallaa hojjetan kamiyyuu battalumatti kan haqaman ta'uu isaaniiti.

Deebii caayaa qo'achuu

⇒ Mariin kun haala kamiin hawaasa fayyada?

Deebii: dhimma waloo isaanii irratti waliin hojjechuuf waliigaltee irra ga'uu isaaniitiin.

⇒ Hawaasni yeroo marii dhimmoota akkamii kaasaa turan?

- ✦ Qoricha sammuu nama adoochu
- ✦ Balaa tiraafikaa
- ✦ Hannaafi saamicha kkf.

Gocha barannoo

Barattootni haala salphaa ta'een barannoo kana akka hubataniif:

- ☞ Gaaffilee ni barbaachisa jettu gaafadhu.
- ☞ Mata duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessi.
- ☞ Barattootni akka barruulee isaanii irratti barreeffatan taasisi.
- ☞ Gaaffilee shaakala dhuunfaa barannichaa kennuun akka shaakalan taasisi.
- ☞ Dhuma irratti waan isaanii hin galle akka gaafataniif carraa kenniif.
- ☞ Ibsa gaaffii isaaniif gochuun barannicha gudunfuun goolabi.

Keessa deebii barannoo

Xumura barannooo kanaatti, barattootni kee yaad-rimee barannichaa akka hubatan beekuuf gaaffii gaafachuun mirkaneeffadhu. Gaaffilee shaakalaa dhuunfaadhaan akka hojjetan gochuun hubannoo isaanii cimsi.

Gaaffilee xiinxala barannoo

Qabiinsi mirga namummaa akka naannoo jiraattuutti sadarkaa maaliirrajira?
Hiriyoota dareekee, ollaakeefi warra waliin hojjetu akkamitti keessummeessita?
Hariirioo diimokiraatawaa waliinan qaba jettee yaaddaa?

Deebii caayaa qo'achuu

Yommuu biyya 'X' jedhamtu qajeeltoowwan diimokiraasiitiin ilaallu, sarbamiinsa bu'uuraa

kanneen akka:

1. Filannoon bilisaafi haqa-qabeessa ta'e dhabamuu. Hidda dhalootaan aangoo waliif dabarsu.
2. Adeemsa murtoo kennuu keessatti lammiileen hirmaannaa hin qaban. Murtiin xumuraa kan kennamu mootii/ttidhaan.
3. Ittigaafatamummaafi iftoominni dhabamuu. Gochiifi murteewwaan mootummaa uummataaf kan ifa hin taaneefi kan hin hirmaachifnedha.
4. Gargar ba'iinsi mootummaafi amantaa hin jiru. Gargar ba'iinsi kun kan hin yaadamneefi seera Shariyaa irratti kan hunda'edha.
5. Walqixxummaan dhabamuu, Dubartootni xiyyeeffannaa kan hin arganne turan.

Barannoo 3: Sonawwan Diimokiraasii

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Sonawwan diimokiraasii adda ni baasu.
- Sonawwan diimokiraasii ni dinqisiifatu

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa,qalama	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensaafi ibsa, marii gareefi dhiyeessa, shaakala dhuunfaa	- Kitaabilee, Maxxansaaaleefi barruulee diimokiraasii irratti barraa’an. - Andrew Heywood, 2002, Politics, 2nd edition

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni sonawwan diimokiraasii ni baratu. Diimokiraasiin adeemsa jiruuf jireenya hawaasaa ta’ee, guddinni isaa immoo sonawwan hawaasa sanii irratti kan hundaa’edha. Sonawwan diimokiraasii kunneen wal danda’uu, walabummaa, murtee haqaa, walqixxummaa, hammattummaa, amal-qabeessummaafi adda addummaa dinqisiifachuu fa’a.

Sadarkaan jireenya sonawwan diimokiraasii hawaasa tokkoo adeemsa diimokiraasiifi diimokiraasummaa isaaniif baay’ee murteessaadha.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- Sonawwan diimokiraasii hawaasakee keessa jiran maal fa’i?

Deebii gochaa

Sonawwan akkamii dubbisa kana keessatti argitan?

- ✦ Waldanda’uu
- ✦ Walabummaa
- ✦ Murtee haqaa
- ✦ Walqixxummaafi
- ✦ Hammattummaa.

Deebii gochaa

⇒ Dubbisa armaan olii kana murtee haqaan walqabsiisuun mari'adhu. Mootummaan naannolee guddinaan duubatti hafoo ta'an deggaruuf dirqama qabaa? Mootummaan leecalloo biyyattii qixa sirriin qooduuf dirqama qaba. Naannoleen guddinaan duubatti hafoo ta'an kanneen akka Affaar Mootummaan giddu galeessaa irraa deggersa addaa argachuu qabu.

Gocha barannoo

Barattootni haala salphaa ta'een barannoo kana akka hubataniif:

- ☞ Gaaffilee ni barbaachisa jettu gaafadhu.
- ☞ Mata-duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessi.
- ☞ Barattootni akka barruulee isaanii irratti barreeffatan taasisi.
- ☞ Gaaffilee shaakala dhuunfaa barannichaa kennuun akka shaakalan taasisi.
- ☞ Dhuma irratti waan isaaniif hin galle akka gaafataniif carraa kenniif.
- ☞ Ibsa gaaffii isaaniif gochuun barannicha gudunfuun goolabi

Keessa deebii barannoo

Xumura barannoo kanaatti, barattootni kee yaad-rimee barannichaa akka hubatan beekuuf gaaffii gaafachuun mirkaneeffadhu. Gaaffilee shaakalaa dhuunfaadhaan akka hojjetan gochuun hubannoo isaanii cimsi.

Barannoo 4: Barbaachisummaa Sonawwaniifi Jaarmiyaalee Diimokiraasii Xabboo

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Sonawwaniifi Jarimiyaalee Diimokiraasii Xabboo hawaasa isaanii ni tarreessu.
- Sonawwaniifi Jarimiyaalee Diimokiraasii Xabboo hawaasa isaanii ni ibsu.
- Sonawwaniifi Jarimiyaalee Diimokiraasii Xabboo hawaasa isaanii nidingisiifatu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa,qalama	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensaafi ibsa, marii gareefi dhiyeessa, shaakala dhuunfaa	Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee sonawwaniifi Jaarmiyaalee diimokiraasii xabboo irratti barraa’an.

Ibsa gabaabaa barannoo

Beekumsi xabboo sonawwaniifi Jarimiyaalee xabboo akka jiraataniif bu’uura ta’a. Akkasumas, beekumsi xabboon sirna beekumsa haaraa uumuun, tursiisuun, walbarsiisuunifi babal’isuun hambaa dhaloota borii akka ta’uuf kan itti ol keenyudha. Kunis dandeettii ittiin beekumsa uumuu, kuusuufi dhalootaafi nageenya uummataaf ittiin dabarsinudha. Beekumsi kunniin beekumsa ummatni hawaasa tokko keessa jiraatan dagaagfataniifi itti fufanii barnoota idileen alatti yeroodhaa gara yerootti kan guddisanidha.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- ⇒ Sonawwaniifi Jarimiyaalee Diimokiraasii Xabboo hawaasa keessan keessa jiru maqaa dhawuu ni dandeessuu?
- Barattootni hawaasa isaanii bira deemuun haa gaafatan. Itoophiyaan biyya Jarimiyaalee diimokiraasii xabboo adda addaa of keessaa qabdudha.
- ⇒ Ga’eefi barbaachisummaan sonawwaniifi Jarimiyaalee diimokiraasii xabboo maali?
- Jarimiyaaleen diimokiraasii xabboo waldhabdee furuuf, wal qixxummaa koorniyaa fiduuf, aangoo karaan nagaan walii dabarsuufi sonawwan hawaasaa dagaagsuuf barbaachisoodha.
- ⇒ Garaagarummaan sonawwan diimokiraasii xabboofi diimokiraasii gidduu jiru maali?

Sonawwaniifi Jarmiyaalee xabboo bu'aa beekumsa xabboo ta'anii hawaasaa hawaasatti garaagarummaa kan qabanidha. Sonawwan diimokiraasii immoo qajeelfamoota qabatamoo hin taane kan hawaasni ittiin bulu ta'ee sadarkaa biyyaatti walfakkaataadha. Jarmiyaaleen garuu caasaa kan qabuufi dhimmoota kana kan galmaan ga'udha.

Deebii gochaa

Lakk.	Hawaasa Itoophiyaa	Sonawwaniifi Jarmiyaalee xabboo
1	Oromoo	Sirna Gadaa
2	Walaayittaa	Awassiya
3	Uummata Wejerat	Awassiya Kanchi
4	Guraagee	Yejoka
5	Amhaaraa	Yezemad Daanyaa/shimaagile

Gocha barannoo Beekumsa waa'ee Jaarmiyaalee diimokiraasii xabboo barsiisuuf, mata-duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootni barruulee isaanii irratti akka barreeffatan taasisi. Gaaffilee shaakala dhuunfaa barannichaa kennuun akka shaakalan godhi. Barattootakee akka isaan hawaasa isaanii bira deemmuun waa'ee sonawwaniifi Jaarmiyaalee xabboo kanneen waldhabdee furuuf gargaaraniifi diimokiraasii akka waliigalaatti hojiirra oolchuuf fayyadan gaafatanii akka dhufan ajaji. Dabalataan, jaarsoleen yoo dandaa'ame dareetti affeeramanii faayidaalee sonawwaniifi Jarmiyaalee diimokiraasii xabboo akka mari'atamu taasisi. Akkasumas, barattootni bifa diraamaafi ga'ee taphachuun sonawwaniifi Jarmiyaalee diimokiraasii xabboo akka agarsiisan jajjabeessi.

Keessa deebii barannoo

Barannoo kana irratti barattootakee gaaffii afaaniifi battalleen madaaluu ni dandeessa. Gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e murteessuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaatti barattootni kee barbaachisummaa yaad-rimee barnootichaa gaaffii gaafachuun hubachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Barannoo 5: Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa in tarreessu.
- Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa ibsu.
- Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa ni himu

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa,qalama	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensaafi ibsa, marii gareefi dhiyeessa, shaakala dhuunfaa	Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa irratti barraa’an.

Ibsa gabaabaa barannoo

Itoophiyaan biyya diimokiraasiifi diimokiraatummaa dagaagsuuf hawwitudha. Kana galmaan ga’uudhaaf carraaleen diimokiaasii Itoophiyaa kanneen akka saffisaan babal’achuu dhaabbilee barnootaa, investmentii bu’uuraalee misoomaa, tuurizimiifi qonna yommuu ta’an; hudhaaleen diimokiraasii Itoophiyaa immoo sanyummaa, Jarmiyaaleen diimokiraasii cimoo ta’uu dhabuu, siyaas-daneessummaan dhabamuu, hawaasni hubannoo siyaasaa cimaa qabu dhabamuu, sab-quunnamtiin walaba ta’e dhabamuufi aadaan siyaasaa wal hin fudhanne (burkuta’aa) jiraachuu fa’a.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- ⇒ Hudhaaleen ijoon ijaarsa diimokiraasii Itoophiyaa maali jettee yaadda?
 - ⇒ Carraaleen sirna siyaasa biyyattii diimokiraatessuuf jiru maal fa’i?
- Gabatee armaan gadii barruuleekee irratti garagalfachuun carraaleefi hudhaalee diimokiraasii jechoota sirrii ta’een guuti.

Carraalee	Hudhaalee
Saffisaan babal'achuu dhaabbilee barnootaa	Jarmiyaalee diimokiraasii cimoo ta'uu dhabuu,
Inveestimentii bal'aa bu'uuraalee misoomaa	Siyaas-daneessummaan dhabamuu
Inveestiment tuurizimiifi qonna	Hiyyummaa
Waan gaarii yaaduufi raawwachuu	Hawaasni hubannoo siyaasaa cimaa qabu dhabamuu,
	Sab-quunnamtiin walaba ta'e dhabamuufi aadaan siyaasaa wal hin fudhanne (burkuta'aa) jiraachuu fa'a.

Gocha barachuu

Kutaa barannoo kana sirriitti barsiisuuf, barattootnikee nama adeemsa filannoo biyyoolessaa bara 2013 galmee irraa hanga sagalee kennuutti hirmaate gaafaachuun adeemsaafi gulantaa inni/isheen keessa darbe/ite gaafachuun akka gabaasan taasisuun argannoo isaanii daree keessatti akka dhiyeessan jajjabeessi. Sanyummaan, hiyyummaan, jarmiyaaleen diimokiraasii cimoo ta'uu dhabuu, siyaas-daneessummaan dhabamuu, hawaasni hubannoo siyaasaa cimaa qabu dhabamuu, sabquunnamtiin walaba ta'e dhabamuufi aadaan siyaasaa wal hin fudhanne (burkuta'aa) jiraachuun hudhaalee diimokiraasii Itoophiyaa akka ta'an itti himi.

Keessa deebii barannoo

Barannoo kana irratti barattootakee gaaffii afaaniifi battalleen madaali. Gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e murteessuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaatti barattootnikee barbaachisummaa yaad-rimee barnootichaa gaaffii gaafachuun hubachuu isaanii mirkaneeffadhu.

Deebii gaaffii shaakala xumura boqonnaa

Akaakuu gaaffilee	Deebii gaaffilee									
Dhugaa/Soba	1	Dhugaa	2	Soba	3	Dhugaa				
Filannoo	1	D	2	D	3	D				
Firoomsuu	1	E	2	D	3	C	4	B	5	A

Deebii gabaabaa

1. Ol’aantummaan heeraa ol’aantummaa heerri tumaataalee, labsiileefi seerota biroo irratti qabu jechuudha. Walfaallessuun seerotaafi heera biyyattii gidduu jiraannaan, seericha akka haqamu taasisa.
2. Garaagarummaan fedhaafi galma irratti jiru taatee uumamaati. Haalli kun yommuumamu, waldanda’uun waldhabdee uumamu karaa nagaan furuufi tasgabbeessuu qabna.
3. Sab-quunnamtiin walaba ta’an raawwii mootummaa cimsuufi gochaaalee yaraa mootummaafi nama dhuunfaan raawwataman saaxiluu keessatti ga’ee ol’aanaa taphatu. Walitti dhufeenya cimsuun, malaanmaltummaa ittisuufi xiinsammuu waloo hawaasaa ijaaruuf shoora guddaa taphatu.

**BOQONNAA AFUR
HEERAAN BULUU
Ibsa Boqonnichaa**

Boqonnaan kun yaad-rimee heeraafi heeraan buluu, akkasumas garaagarummaa isaanii, barbaachisummaafi faayidaa heeraafi heeraan buluu, qoqqoodiinsa heeraa, barbaachisummaa heeraan buluun nagaafi tasgabbii lammiilee keessatti qabu akka hubachiiftu sitaasisa.

Jechoota Ijoo

- Heera
- Heeraan buluu
- Mootummaa

Kaayyoo	Qabiyyee
Xumura boqonnaa kanaatti barattootni: ❖ Yaad-rimee heeraafi heeraan buluuni hubatu. ❖ Barbaachisummaa heeraa ni hubatu. ❖ Faayidaa heeraan buluu nixiinxalu. ❖ Qoqqooddaa heeraa ni beeku. ❖ Ga'ee heeraan buluun nageenyaafi tasgabbii keessatti qabu ni hubatu.	4.1 Maalummaa Heeraafi Heeraan buluu 4.2 Barbaachisummaa Heeraa 4.3 Faayidaa Heeraan Buluu 4.4 Qoqqoodiinsa Heeraa 4.5 Ga'ee Heeraan Buluun Nageenyaafi Tasgabbii keessatti qabu

Wayitii kenname: 16

Barannoo 1: Maalummaa Heeraafi Heeraan buluu

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Maalummaa heeraa ni ibsu.
- Qajeelfamaafi dambii ittiin bulmaata daree ni baafatu.
- Heeraan buluun maal akka ta’e ni ibsu.
- Garaagarummaafi hariiroo heeraafi heeraan buluu ni himu

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
- Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa,qalama - Heera mootummaa federaalaafi mootummoota naannolee	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuufi marii garee	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee heeraafi heeraan buluu irratti barraa’an. - Balkin, J.M.-The Constitution of Status, Y.L.J. Vol.106 (1997).

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoon kun hiikkaafi yaad-rimee heeraafi heeraan buluutiin eegala. Mata-duree borannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootni akka barreeffatan taasisi. Barattootakee hariiroo mootummaa, bulchiinsaafi heera gidduu jiru yaadachiisi.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- ⇒ Waa’ee heeraa maal beekta?
- ⇒ Heeraan buluun maali?
- ⇒ Marii irraa hubannoo argatte irratti hundaa’uudhaan heera jechuun maal jechuu akka ta’e tilmaamuu dandeessaa?

Muuxannoofi yaada isaan qaban irratti hundaa’uudhaan beekumsa waliigalaa barattootaa madaali.

Heerri:

- ✦ Bu’uura ykn seera ol’aanaa biyyaati.
- ✦ Tuuta barmaatilee, duudhaalee, dambiileefi seerotaa ta’ee akkaataa caaseffamaafi
- ✦ hoji-maata mootummaa kan ibsudha.
- ✦ Sanada seerotaafi fedhii lammiilee, aangoofi ittigaafatamummaa mootummaa, mirgaafi dirqama lammiilee of keessatti kan qabatedha.
- ✦ Walitti dhufeenya lammiileefi mootummaa ni kaa’a.

Gama birootiin immoo, heeraan buluun qajeelfama aangawootni heeraaf amanamoo akka ta'an taasisu yommuu ta'u dambiiwwaniifi seerotni heericha keessatti ibsaman mirgi lammiilee murteefi gocha aangawoota mootummaatiin akka hin sarbamne kan ittisudha.

Gocha barannoo: Marii garee

1. Barattootni haala salphaa ta'een barannoo kana akka hubataniif gaaffilee ni barbaachisa jettu gaafadhu. Mata-duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootni akka barruulee isaanii irratti barreeffatan taasisi. Gaaffilee shaakala garee barannichaa kennuun akka shaakalan taasisi. Dhuma irratti waan isaanii hin galle akka gaafataniif carraa kenniif. Ibsa gaaffii isaaniif gochuun ijoo barannichaa goolabi.
2. Barattootakee akkaataa garee to'atamuu danda'uutti qoodi. Galmi isaa barattootni dambiiwwaniifi ittiin bulmaata daree isaaniif ittigaafatamoo fi hojiirra oolchuu akka danda'an gochuudha. Yaada isaanii akka wal jijjiiraniif yeroo muraasa kenniif. Barattoota suuteyyii ta'an jajjabeessi. Xumura irratti, gudunfaa yaadaa akka armaan gadiitti gabatee gurraacha irratti barreessi.
 - Heeraan buluun heera barreeffamaa qabaachuu caalaa aadaa siyaasa hawaasa sanaa irratti xiyyeeffata. Heerri aangawoota mootummaafi lammiilee biyyaa hundumaan raawwatamuufi hojiirra ooluu qaba.
3. Ammas barattootni gareedhaan ta'anii hariiroofi garaagarummaa heeraafi heeraan buluu akka mari'atan taasisi. Duraa duuba baruu barsiisuu ammaan dura fayyadamte gargaarami.

Barannoo kana irratti barattootakee gaaffii afaaniifi hoj-maneeitiin madaaluu ni dandeessa. Gaaffileen madaallii armaan gadii kunneen kaayyoon barannoo hagam galma akka ga'e beekuuf sigargaara.

- ✦ Barattootni mala baruu barsiisuu kam filatu? Barattootni kana dura barannoo kana irratti dubbisanii, barreessanii ykn raawwatanii beekuu?
- ✦ Kun maalif akkas ta'e jechuu dandeessaa? Ofitti amanamummaa akkamiitiin gocha kana xumuru?
- ✦ Hangam barattootni caayaa qo'achuufi ga'ee taphachuudhaan waliin hojjetu? Barattootni gocha kana raawwachuu isaanii hangam amanta?
- ✦ Yeroo barannoo kanatti barattootni nuffaa dhufanimoo fedhii dhabaa dhufan?
- ✦ Barattootakee waa'ee heeraafi heeran buluu akka yaadatan gaafadhu.
- ✦ Marii barattootaa daawwachuun raawwii isaanii galmeessi.
- ✦ Tokkoon tokkoo barataa akkaataa itti mari'atan, itti dhiyeessaniifi duub-deebii itti kennan madaali.

Barannoo 2: Barbaachisummaa Heeraa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Barbaachisummaa heeraa adda ni baafatu.
- Barbaachisummaa heeraa ni tarreessu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
- Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa,qalama - Heera mootummaa federaalaafi mootummoota naannolee	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuufi marii garee	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee heeraafi heeraan buluu irratti barraa’an. - Balkin, J.M.-The Constitution of Status, Y.L.J. Vol.106 (1997).

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoon kun barbaachisummaa heeraatiin eegala. Mata-duree borannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootni akka barreeffatan taasisi. Barattootakee yaad-rimee heeraafi heeraan buluu yaadachiisi.

Gaaffii xiinxala barannoo

- ✦ Barbaachisummaafi ga’een heeraa maali jettee yaadda?

Gocha barannoo: Gocha dhuunfaafi marii garee

- Wayitii kanatti, yoo mootummaan aangoo heeraan isaaf kennameen olitti fayyadame maaltu ta’a jettee barattoota hunda gaafachuu qabda. Barattootni haala salphaa ta’een barannoo kana akka hubataniif gaaffilee ni barbaachisa jettu gaafadhu. Yaada isaanii akka wal jijjiiraniif yeroo muraasa kenniif. Mata-duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootni akka barruulee isaanii irratti barreeffatan taasisi. Gaaffilee shaakala garee barannichaa kennuun akka shaakalan taasisi. Dhuma irratti waan isaanii hin galle akka gaafataniif carraa kenniif. Gaaffii isaaniif ibsa gochuun ijoo barannichaa goolabi.
- Barattootakee akkaataa garee to’atamuu danda’uutti qoodi. Galmi isaa barattootni dambiiwwaniifi ittiin bulmaata daree isaaniif ittigaafatamoofi hojiirra oolchuu akka danda’an gochuudha. Barattoota suuteyyii ta’an jajjabeessi. Xumura irratti, guduunfaa yaadaa gabatee gurraacha irratti barreessi.

3. Hojiin garee seensa dambii ittiin bulmaata daree isaanii baafachuu isaan dandeessisu kennameera. Fakkeenya samuda seensa dambii ittiin bulmaata daree gabatee gurraacha irratti barreessi. Bakka bu'oota gareewwanii akka bakka duwwaa seensa dambii ittiin bulmaataa guutan gaafadhu. Akka armaan gadiitti deebisiif.

- ✦ “Nuti barattootni daree **8A**, tokkummaafi walitti dhufeenya keenya cimsachuuf **dambii ittiin bulmaata daree** kana kan **naamusa daree keenyaa** nuuf mirkaneessu, **barattoota daree keenyaa hundaaf**, **walitti dhufeenya gaarii** kan dagaagsuufi **qabxii ol'aanaa** akka galmeessifnu kan nu taasisu dambii ittiin bulmaata daree keenyaa kana qopheeffanneerra.

Barannoo kana irratti barattootakee gaaffii afaaniifi hoj-maneeitiin madaaluu ni dandeessa. Gaaffileen madaallii armaan gadii kunneen kaayyoon barannoo hagam galma akka ga'e beekuuf sigargaara.

- ✦ Barattootni mala baruu barsiisuu kam filatu? Barattootni kana dura barannoo kana irratti dubbisani, barreessanii ykn raawwatanii beeku?
- ✦ Kun maalif akkas ta'e jechuu dandeessaa? Ofitti amanamummaa akkamiitiin gocha kana xumuru?
- ✦ Hangam barattootni caayaa qo'achuufi ga'ee taphachuudhaan waliin hojjetu? Barattootni gocha kana raawwachuu isaanii Hangam amanta?
- ✦ Yeroo barannoo kanatti barattootni nuffaa dhufanimoo fedhii dhabaa dhufan?
- ✦ Barattootakee waa'ee barbaachisummaa heeraa akka yaadatan gaafadhu.
- ✦ Marii barattootaa daawwachuun raawwii isaanii galmeessi.
- ✦ Tokkoon tokkoo barataa akkaataa itti mari'atan, itti dhiyeessaniifi duub-deebii itti kennan madaali.

Barannoo 3: Faayidaa Heeraan Buluu

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Faayidaa heeraan buluu ni ibsu.
- Faayidaa heeraan buluu ni dinqisiifatu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
- Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa,qalama - Heera mootummaa federaalaafi mootummoota naannolee	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuufi marii garee	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee heeraafi heeraan buluu irratti barraa’an. D. V. Wyk and et. al. (eds.), Rights and Constitutionalism: The New south African Legal Order, (1995).

Gaaffii xiinxala barannoo

⇒ Faayidaa heeraan buluu himuu ni dandeessaa?

Gaaffilee kanaaf barattootnikee muuxannoo kanaan dura qaban irraa yaada siif kennuu danda’u. Yaada isaanii kana immoo gabatee gurraacha irratti barreessuun beekumsa waliigalaa barattoota daree hundaa dabaluu ni dandeessa.

Gocha barannoo: gocha dhuunfaa, cimdiin yaaduufi marii garee

1. Barattootakee akkaataa garee to’atamuu danda’uutti qoodi. Galmi isaa barattootni heeraan buluun akkamitti sirna diimokiraasii cimsuu akka danda’u akka hubatan gochuudha. Yaada isaanii akka wal jijjiiraniif yeroo muraasa kenniif. Xumura irratti, guduunfaa yaadaa gabatee gurraacha irratti barreessi.
2. Wayitii kanatti, yoo mootummaan aangoo heeraan isaaf kennameen olitti fayyadame maaltu ta’a jettee barattoota hunda gaafachuu qabda. Barattoota gocha kenname irratti yaada kennuun itti ulfaatu gargaari. Yaada isaanii akka wal jijjiiraniif yeroo muraasa kenniif. Mata-duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootni akka barruulee isaanii irratti barreeffatan taasisi. Gaaffilee shaakala garee barannochaa kennuun akka shaakalan taasisi. Dhuma irratti waan isaanii hin galle akka gaafataniif carraa kenniif. Gaaffii isaaniif ibsa gochuun ijoo barannichaa goolabi.
3. Dabalataan, barattootni lama lamaan akka ta’aniifi hariiroofi garaagarummaa

heeraafi heeraan buluu akka yaadan taasisi. Erga yeroo xiqqoo akka mari'ataniif kenniteefii booda, yaada isaanii akka calaqqisiisaniif heeyyamiif. Guduunfaa yaada isaanii gabatee gurraacha irratti barreessuun xumuri.

4. Hojiin marii garee kitaaba barataa irra ka'amee jira. Kaayyoon isaa barattootni mirgoota namummaa heera mootummaa Federaalaafi naannolee keessa jiran adda baafachuudha. Bakka buutotni garee mirgoota namummaa heera mootummaa Federaalaafi naannolee boqonnaa sadii akka dubbisan taasisi. Yeroo muraasa mariif erga kenniteefii booda gabaasa akka dhiyeessan qajeelchi.

Keessa deebii barannoo

Barannoo kana irratti barattootakee gaaffii afaaniifi hoj-maneeitiin madaaluu ni dandeessa. Gaaffileen madaallii armaan gadii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e beekuuf sigargaara.

- ✦ Barattootnikee mala baruu barsiisuu kam filatu? Barattootnikee kana dura barannoo kana irratti dubbisanii, barreessanii ykn raawwatanii beekuu?
- ✦ Kun maalif akkas ta'e jechuu dandeessaa? Ofitti amanamummaa akkamiitiin gocha

kana xumuru?

- ✦ Hangam barattootni caayaa qo'achuufi ga'ee taphachuudhaan waliin hojjetu? Barattootni gocha kana raawwachuu isaanii hangam amanta?
- ✦ Yeroo barannoo kanatti barattootni nuffaa dhufanimoo fedhii dhabaa dhufan?
- ✦ Barattootakee waa'ee faayidaa heeraan buluu akka yaadatan gaafadhu.
- ✦ Marii barattootaa daawwachuun raawwii isaanii galmeessi.
- ✦ Tokkoon tokkoo barataa akkaataa itti mari'atan, itti dhiyeessaniifi duub-deebii itti kennan madaali.

Barannoo 4: Qoqqooddaa Heeraa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Akaakuuwwan heeraa adda ni baasu.
- Qoqqooddaa heeraa ni dinqisiifatu.
- Heera barreeffamaafi kan hin barroofne ni ibsu.
- Heera salphaatti fooyya’uufi hin fooyyofne adda ni baasu.
- Heera hojiirra ooluufi hojiirra hin oolle ni himu.
- Heera Federaalawaafi Tokkummaawaa ni addeessu.
- Adeemsa heerri ittiin fooyya’u ni ibsu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
- Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa,qalama - Heera mootummaa federaalaafi mootummoota naannolee	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuufi marii garee	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee heeraafi heeraan buluu irratti barraa’an. D. V. Wyk and et. al. (eds.), Rights and Constitutionalism: The New south African Legal Order, (1995).

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoon kun qoqqooddaa heeraatiin eegala. Mata-duree borannoo gabatee gurraachairratti barreessuun barattootni akka barreeffatan taasisi. Barattootakee yaad-rimee heeraafi heeraan buluu yaadachiisi.

Gaaffii xiinxala barannoo

- ⇒ Waa’ee heera barreeffamaafi kan hin barroofne maal beekta?
- ⇒ Waa’ee heera salphaatti fooyya’uufi hin fooyyofnee maal beekta?
- ⇒ Waa’ee heera hojiirra ooluufi hojiirra hin oolle maal hubatta?

Gocha barannoo: Marii garee

1. Barattootakee akkaataa garee to’atamuu danda’uutti qoodi. Galmi isaa barattootni adeemsa heera fooyyessuu akka hubatan gochuudha. Barattoota gocha kenname irratti yaada kennuun itti ulfaatu gargaari. Yaada isaanii akka wal jijjiiraniif yeroo muraasa kenniif. Xumura irratti, guduunfaa yaadaa gabatee gurraacha irratti barreessi.

Keessa deebii barannoo

Barannoo kana irratti barattootakee akkuma barannoolee biroo keessatti raawwattu, gaaffii afaaniifi hoj-maneeitiin madaaluu ni dandeessa. Gaaffileen madaallii armaan gadii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e beekuuf sigargaara.

- ✦ Barattootni mala baruu barsiisuu kam filatu? Barattootni kana dura barannoo kana irratti dubbisani, barreessani ykn raawwatanii beeku?
- ✦ Kun maalif akkas ta'e jechuu dandeessaa? Ofitti amanamummaa akkamiitiin gocha
- ✦ kana xumuru?
- ✦ Hangam barattootni caayaa qo'achuufi ga'ee taphachuudhaan waliin hojjetu? Barattootni gocha kana raawwachuu isaanii hangam amanta?
- ✦ Yeroo barannoo kanatti barattootni nuffaa dhufanimoo fedhii dhabaa dhufan?
- ✦ Barattootakee waa'ee heera barreeffamaa, heera hin barroofnee, heera fooyya'uuf salphaa ta'eefi hin taane, heera hojiirra ooluufi hojiirra hin oolle akkasumas heera federaalawaafi heera tokkummaawaa akka yaadatan gaafadhu.
- ✦ Marii barattootaa daawwachuun raawwii isaanii galmeessi.
- ✦ Tokkoon tokkoo barataa akkaataa itti mari'atan, itti dhiyeessaniifi duubdeebii itti kennan madaali.

Barannoo 5: Gahee Heeraan Buluun Nageenyaafi Tasgabbii Keessatti Qabu

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Ga’ee heeraan buluun nageenyaafi tasgabbii keessatti qabu ni ibsu.
- Ga’ee heeraan buluun nageenyaafi tasgabbii keessatti qabu ni dinqisiifatu

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
- Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa,qalama - Heera mootummaa federaalaafi mootummoota naannolee	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuufi marii garee	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee heeraafi heeraan buluun irratti barraa’an. D. V. Wyk and et. al. (eds.), Rights and Constitutionalism: The New south African Legal Order, (1995).

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoon kun ga’ee heeraan buluun nagaafi tasgabbii keessatti qabu ibsuun eegala. Mata- duree borannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootni akka barreeffatan taasisi. Barattootakee yaad-rimee qoqqodamiinsa heeraa waa’ee heera barreeffamaafi kan hin barroofnee, heera salphaatti fooyya’uufi hin fooyyofnee, heera hojiirra ooluufi hojiirra hinoollee, heera federaalawaafi tokkummaawaa yaadachiisi.

Gaaffilee xiinxala barannoo

⇒ Hariiroon heeraan buluufi nagaafi tasgabbii gidduu jiru maali jetteeyaadda?

Gocha barannoo: Marii garee

1. Barattootakee akkaataa garee to’atamuu danda’uutti qoodi. Galmi isaa barattootni dambii ittiin bulmaata daree yoo cabe maal gochuu akka danda’an akka hubatan gochuudha. Barattoota gocha kenname irratti yaada kennuun itti ulfaatu gargaari. Yaada isaanii akka wal jijjiiraniif yeroo muraasa kenniif. Xumura irratti, guduunfaa yaadaa gabatee gurraacha irratti barreessi.

Keessa deebii barannoo

Barannoo kana irratti barattootakee akkuma barannoolee biroo keessatti raawwattu, gaaffii afaaniifi hoj-maneeitiin madaaluu ni dandeessa. Gaaffileen madaallii armaan gadii kunneen kaayyoon barannoo hagam galma akka ga’e beekuuf sigargaara.

Barattootnikee mala baruu barsiisuu kam filatu? Barattootnikee kana dura barannoo kana irratti dubbisanii, barreessanii ykn raawwatanii beekuu?

- ✦ Kun maalif akkas ta'e jechuu dandeessaa? Ofitti amanamummaa akkamiitiin gocha kana xumuru?
- ✦ Hangam barattootni caayaa qo'achuufi ga'ee taphachuudhaan waliin hojjetu? Barattootni gocha kana raawwachuu isaanii hangam amanta?
- ✦ Yeroo barannoo kanatti barattootni nuffaa dhufanimoo fedhii dhabaa dhufan?
- ✦ Barattootakee waa'ee heeraan bulaan nageenyaafi tasgabii keessatti qabu akka yaadatan gaafadhu.
- ✦ Marii barattootaa daawwachuun raawwii isaanii galmeessi.
- ✦ Tokkoon tokkoo barataa akkaataa itti mari'atan, itti dhiyeessaniifi duub-deebii itti kennan madaali.

Akaakuu gaaffilee	Deebii gaaffilee									
Dhugaa/Soba	1	Dhugaa	2	Soba	3	Dhugaa	4	Soba	5	Dhugaa
Filannoo	1	A	2	C	3	C	4	D	5	D
Bakka duwwaa	1	Heeraan buluu			2	Bulchiinsa Hooggansa Akkafeetee				

BOQONNAA SHAN

MIRGOOTA NAMUMMAA

Ibsa gabaabaa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti waa’ee mirgoota namummaa baratta. Kunis akaakuuwwan mirgoota namummaa ni akka tarreessan, mirga walqixxummaa ni hubatan, mirgoota namummaa heera mootummoota naannolee keessatti ibsaman akka madaalan; akkasumas hudhaalee mirgoota namummaa Itoophiyaa keessa jiran adda akka baasaniif gargaara. Barannoon kun mirgoota namummaa jiran akka hubattuufi dinqisiifattu kan si gargaarudha.

Jechoota Ijoo

- Labsii waliigala mirgoota namummaa

➤ Mirgoota lammiilee

➤ Mirgoota dinagdee
- Mirga lubbuun jiraachuu

➤ Mirga walqixxummaa

➤ Barmaatilee miidhaa fidan

Kaayyoo	Qabiyyee
Xumura barannoo kanaatti: ⇒ Akaakuuwwan mirgoota namummaani hubatu. ⇒ Mirgoota walqixxummaa ni beeku ⇒ Mirgoota namummaa heerota naannolee keessatti caqasaman ni madaalu. ⇒ Hudhaalee mirgoota namummaa Itoophiyaa ni xiinxalu.	5.1 Akaakuuwwan Mirgoota Namummaa 5.1.1 Mirgoota walqixxummaa 5.2 Mirgoota Namummaa Heerota Naannolee Keessatti Caqasaman 5.3 Hudhaalee Mirgoota Namummaa Itoophiyaa
Waytii kenname 16	

Barannoo 1: Akaakuuwwan mirgoota namummaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Akaakuuwwan mirgoota namummaa ni tarreessu.
- Akaakuuwwan mirgoota namummaa ni ibsu.
- Akaakuuwwan mirgoota namummaa ijoo ta'an adda ni baafatu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiwwan, gabatee.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa	- Kitaabilee, Maxxansaaaleefi barruulee mirga namummaa irratti barraa'an. - Labsii waliigalaa mirga namummaa bara 1948. - International Journal of engineering & management research Volume -5,issue-6,November-December 2015, Page number:756-758

Ibsa gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni waa'ee akaakuuwwan mirgoota namummaa kan baratan ta'a. Bu'uuruma kanaan mirgootni namummaa bakka gurguddaa sadiitti qoodamu. Isaanis: Mirgoota siyaasaafi lammiilee, Mirgoota dinagdee, hawaasummaafi aadaa, Mirgoota waliif dhimmamuu fa'a.

Gaaffilee xiinxalaa

- Mirgi namummaa maal?
- Mirgi namummaa walcaalmaan kennamaa?
- Mirgootni namummaa hunduu walfakkatoodhaa?

Gabatee armaan gadii barruuleekee irratti garagalfachuun bakka duwwaa keenname waa'ee akaakuuwwan mirgoota namummaa irratti jechoota siirriin guuti.

T/L	Mirgoota siyaasaafi lammiilee	Mirgoota diinagdee, hawaasummaaafi aadaa	Mirgoota waliif dhimmuu
1	Mirga lubbuun jiraachuu	Mirga hojii	Mirga nageenyaa
2	Mirga nageenyaa	Mirga Nageenyummaa hawaasaa	Mirga aanga'uu
3	Mirga garbummaa irraa bilisa ta'uu	Mirga carraa hojii argachuu	Mirga qabeenya biyyaatti qixa qooddachuu
4	Mirga jireenya dhuunfaa	Mirga jireenya mijataa jiraachuu	Mirga dinagdeefi misooma hawaasaa

Gocha Barannoo

Barattootakee akkaataa to'achuuf siif tolutti garee muraasatti hiri. Kaayyoon barannoo kanaa barattootni dambii kutaa isaanii keessatti, mana barumsaafi hawaasa keessatti yoo cabsan maaltu akka ta'u irratti haa mari'atan. Barattootni kee yaada garaagaraa dhiyeessuu danda'u. Barattoota rakkoo hubannoo qaban gargaaruun akka yaada isaanii ibsatan taasisi. Dhuma irratti yaada guduunfaa adda baasuun gabatee gurraacha irratti barreessi.

Barattootni haala salphaa ta'een barannoo kana akka hubataniif gaaffilee ni barbaachisa jettee yaaddu waa'ee akaakuuwwan mirgoota namummaa gaafadhu. Mata duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessi. Barattootni akka barruulee isaanii irratti barreeffatan taasisi. Gaaffilee shaakala dhuunfaa barannochaa kennuun akka shaakalan taasisi.

Keessa deebii barannoo

Barannoo kana irratti barattootakee gaaffii afaaniifi battalleen madaaluu ni dandeessa. Gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e murteessuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaatti barattootni kee waa'ee akaakuuwwan mirgoota namummaa gaaffii gaafachuun hubachuu isaanii mirkaneeffadhu. Dhumarrattis shaakala dhuunfaa kennuun barannoo kana hubachuu isaanii adda baafadhu.

Barannoo 2: Mirga walqixxummaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Mirga walqixxummaa ni ibsu.
- Mirga walqixxummaa ni dinqisiifatu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiwwan, gabatee.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, shaakala dhuunfaafi marii garee	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee mirga walqixxummaa irratti barraa'an. - Labsii waliigalaa mirga namummaa bara 1948. - International Journal of engineering & management research, Volume - 5, issue- 6, November-December 2015, Page number: 756-758

Ibsa gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni waa'ee mirga waqixxummaa kan baratan ta'a. Bu'uuruma kanaan mirgi waqixxummaa carraa walqixa ta'e lammiileef kan kennudha. Gabaabumatti namni kamiyyuu tajaajila walfakkataa argachuu kan qabuufi namoonni bu'uura seera tokko malee faayidaa addaa akka argatan kan dhoorkudha. Gama biroon immoo namootni hundinuu seera biratti walqixa ta'uufi carraa walqixa dawoo seeraa jalatti argachuudha.

Gaaffilee xiinxalaa

- ✦ Mirgi walqixxummaa maali?

Deebii Gochaa

Heerri Mootummaa Federaalawaa Diimokiraatawaa Rippabiliika Itoophiyaa keeyyata 106 qaba. Tokkoon tokkoo keeyyata kanaa keessa deemuun keeyyata dhimma mirga walqixxummaatiin walqabatan adda baasuun hiriyoota isaaniif akka qoodan taasisi. Akka Heera MFDRI keeyyata 25tti namni kamiyyuu seera fuul-duratti walqixxeedha. Kunis seera fuul-duratti loogii tokko malee eegumsa seeraa walqixa ta'e qaba.

Haaluma kanaan seerri nama hundaafuu bifa walfakkataa ta'een dawoo ta'uu qaba. Kanneen armaan gadii qabxiilee ijoo walqixxummaa keeyyata kana keessatti kan caqasamaniidha. Isaanis:

- ❖ Walqixxummaa Koorniyaa, bifaafi ilaalcha irratti hin bu'ureeffannemirkaneessuu
- ❖ Walqixxummaa gita hawaasaa malee, firoomaafi lammummaa irratti hin bu'ureeffanne dhugoomsuu
- ❖ Walqixxummaa sanyii, afaaniifi amantaa irratti hin hundoofnemirkaneessuu.

Gocha Barannoo

Barattootakee gareedhaan gurmeessuun mirgoota armaan olitti eeraman hawaasa isaanii keessatti hammam akka hojiirra oolaa jiran madaalsisi. Isaan kamtu hojiirraa oole? Isaan kamtu hojiirra hin oolle? Barsiisan hubannoo gadi fageenya dhimmicha irratti haa kennu.

Keessa deebii Barannoo

Madaalliin gaaffilee kanaa qabiyyeen barannoo kanaa hammam akka galma ga'e beekuufsi garagaara. Xumura barannoo kanaatti barattootni qabiyyee ijoo barannoo kanaa hammam akka hubatan baruuf gaaffii gaafadhu. Dhuma irratti hubannoo isaanii mirkaneeffachuuf dhuunfaadhaan akka hojjataniif gaaffiilee shaakala dhuunfaa kenniif.

Barannoo 3: Mirgoota Namummaa Heera Mootummoota Naannolee Itoophiyaa Keessatti

Xumura barannoo kanaatti:-

- Mirgoota namummaa heera mootummoota naannolee keessatti caqasaman ni ibsu.
- Mirgoota namummaa heera mootummoota naannolee keessatti caqasaman ni tarreessu.
- Mirgoota namummaa heera mootummoota naannolee keessatti caqasaman ni madaalu

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiwwan, gabatee.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, shaakala dhuunfaafi marii garee	- Kitaabilee, Maxxansaaaleefi barruulee mirga namummaa heera naannolee irratti barraa'an. - Heera Mootummoota Naannoleefi Mootummaa Federalawaa Diimokiraatawaa Rippabiliika Itoophiyaa.

Ibsa gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni waa'ee mirgoota namummaa heera mootummoota naannolee keessatti maal akka fakkaatu kan baratan ta'a. Heerri MFDRI keeyyatni 52(2b) akkas jedha: Mootummootni naannolee heera baasuufi raawwachiisuu akka danda'an mirga gonfachiiseera. Kanuma hordofuun mootummootni naannolee kanneen akka Oromiyaa, Tigraay, Mootummaa naannoo Sabaafi Sab-lammoota kibbaa, Somaalee, Harariifi Amaaraa bara 1995 heera mataa isaanii tumataniiru. Mootummootni naannolee Gaambellaafi Beenishaangul Gumuz waggaa tokkoon booda bara 1996 heera mootummaa naannoo isaanii tumataniiru. Naannoon Affaar immoo bara 1998 heera tumachuu danda'eera. Kana hordofuun Mootummaan naannoo Sidaamaa akka haaraatti hundeeffame bara 2020tti heera naannichaa tumachuu danda'eera.

As keessatti wanti hubatamuu qabu mirgoonni namummaa heera MFDRI keessatti mirkanaa'an haalduree tokko malee heera naannolee hundaa keessatti ragga'aniiru.

Gaaffiilee xiinxalaa

- Heerotni mootummoota naannolee Itoophiyaa keeyyattoota mirgoota namummaa mirkaneessan of keessa qabaa?
- Garaagarummaan keeyyataa mirgoota namummaa heera MFDRI fi Heera mootummoota naannolee gidduu jiraa?

Marii Garee

Barannoo kana keessatti barattootni heerota naannolee jiran keessaa tokko filachuun qabiyyee waa'ee mirgoota namummaa gadi fageenyan akka adda baasan taasisi.

Gocha

- Heeramootummaan naannoo keessaa qajeeltoo seeraa kamtu qaamaan nageenyaanifi mana murtichaan mirgi obboo Bariisoo sarbame?
- Maalif mirgi isaa sarbameera jetta?

Qajeeltoo humna nageenyaa (poolisii) keessaa tokko lammiilee garaagarummaa tokko malee tajaajiluudha. Akkasumas ergamaafi gahee qaama nageenyaa keessaa ijoon nagaafi tasgabbi mirkaneessuudha. Haata'u malee biyya diimokiraasiin hin dagaagne keessatti qaamoleen nageenyaa mirgoota namummaa sarbuu irratti bobba'u. Kanaafuu, qajeeltoowwan heeraa sarbaman keessaa isaan muraasni kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

- ❖ Yeroo dheeraadhaaf mana murtiitti osoo hin dhiyaanne turuu.
- ❖ Bakka namni hin jirretti reebamuufi rukutamuu.
- ❖ Manni murtii dhimmicha dhaddacha cufaan ilaaluu.
- ❖ Maatiifi gorsitootni seeraa akka hin dubbisne dhorkuu.
- ❖ Murtii malee yeroo dheeraadhaaf tursiisuu.

Gocha Barannoo

Barattootakee garee afuritti qooduun akkaataa mirgi namummaa itti kabajamu yaada akka laatan taasisi. Barattootni waa'ee mirga daa'immanii ilaachisuun maatii isaanii gaafachuun dareef gabaasa akka dhiheessan taasisi.

Keessa deebii Barannoo

Guduunfaa barannoo taasisuun, barannoo kana barattootakee gaaffii afaaniifi battalleen madaaluu qabda. Gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e murteessuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaatti barattootni qabiyyee ijoo hammam akka hubatan baruuf gaaffii gaafadhu. Dhuma irratti hubannoo isaanii mirkaneeffachuuf dhuunfaadhaan akka hojjataniif gaaffiilee shaakala dhuunfaa laadhuu.

Barannoo 4: Hudhaalee Kabajamuu Mirgoota Namummaa Itoophiyaa keessatti

Xumura barannoo kanaatti barattootni

- Bar-maatilee Itoophiyaa keessatti miidhaa geessisan ni ibsu.
- Bar-maatilee kabajamuu mirgoota dubartoota Itoophiyaa keessatti miidhaa geessisuudanda’an adda ni baasu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiiwwan, gabatee.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, shaakala dhuunfaafi marii garee	Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee waa’ee bar-maatilee mirga dubartootaa miidhuu danda’an irratti barraa’an, Heera MFDRI bara 1995.

Ibsa gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni waa’ee barmaatilee miidhaa geessisanii kan baratan ta’a. **Barmaatileen aadaa** gochaawwan aadaa, sonawwaniifi amantaa uummataa calaqqisiisan akkasumas hawaasni tokko yeroo dheeraadhaaf raawwachaa dhalootarraa dhalootatti dabarsaa kan turedha. Gareen hawaasa addunyaarra jiru kamiyyuu barmaatilee mataa isaanii kan qabaniifi barmaatileen miidhaa geessisan kunis kutaa hawaasaa garaagaraa miidhuu kan danda’anidha. Barmaatileen miidhaa geessisan kun hamma miidhaa qaqqabsiisan akka dhaabbataniif hordoffiifi to’annoon cimaan gaggeeffamaa jiru waan hin jirreef akkuma itti fufanitti jiru. Adeemsa kana keessatti dubartootni barmaatilee kanaan kutaa hawaasaa keessaa adda durummaan warra miidhamanidha.

Gaaffilee xiinxalaa

- Barmaatilee tokko miidhaa akka geessisu maaltu taasisa?
- Barmaatilee keenya akkamittiin faayidaa qabeessa gochuu dandeenya?

Gochaa

Barattootakee gareen qooduun barmaatilee miidhaa geessisan hawaasa isaanii keessa jiran akka daawwatan taasisi.

1. Barmaatilee armaan olitti ibsamaniin alatti hawaasa keessan keessatti Barmaatilee miidhaa qaqqabsiisaa jiran tarreessaa.
2. Bar-maatilee miidhaa qaqqabsiisuu danda'an hawaasaa keessan keessa jiranadda baasuun miidhaa isaan qaqqabsiisan gareedhaan irratti mari'adhaa.

Gocha Barannoo

Barattootnihee waa'ee barmaatilee baay'inaan hawaaasa keessatti miidhaa qaqqabsiisanii dhuunfaadhaan akka gaafataniifi yaada furmaataa akka laatan taasisi. Dhuma irratti argannoo isaanii dareef akka dhiyeessan godhi.

Keessa deebii barannoo

Guduunfaa barannoo taasisuun, Barannoo kana barattootakee gaaffii afaaniifi battallee kennuun madaaluu dandeessa. Gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e murteessuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaatti barattootnihee qabiyyee ijoo hammam akka hubatan baruuf gaaffii gaafadhu. Dhuma irratti hubannoo isaanii mirkaneeffachuuf dhuunfaadhaan akka hojjataniif gaaffiilee shaakala dhuunfaa laadhu.

Barannoo 5: Hudhaalee Kabajamuu Mirgoota Namummaa Itoophiyaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Hiyyummaafi dhabamuun walqixxummaa hudhaalee kabajamuu mirgoota namummaa Itoophiyaa akka ta’an ni ibsu.
- Saamichi humna daa’immanii, jarmiyaalee dadhabooniifi hanqinni diimokiraasii hudhaalee kabajamuu mirgoota namummaa Itoophiyaa keessatti ta’uu isaanii ni himu
- Waldhabdeefi buqqaatiin hudhaalee kabajamuu mirgoota namummaa Itoophiyaa akkata’an ni ibsu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
• Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiiwwan, gabatee.	• Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, Hoggantoota hawaasaa affeeruu, shaakala dhuunfaa, marii garee.	• Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee waa’ee hudhaalee kabajamuu mirga namummaa irratti barraa’an. • Heera MFDRI bara 1995.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoo kana keessatti barattootnikee waa’ee hudhaalee kabajamuu mirgoota namummaa ni baratu. Hudhaalee kanneen keessaa muraasni kanneen akka: saamicha humna daa’immanii, jarmiyaalee dadhaboo, hanqina diimokiraasii, hiyyummaafi dhabamuu waqixxumma fa’a.

Gaaffilee Xinxalaa

- Hudhaalee kabajamuu mirgoota namummaa hawaasakee keessatti mul’atan maal fa’i?
- Hudhaalee kana akkamitti furuun danda’ama?

Hojii Garee

Beekumsa waa’ee barmaatilee dubartoota irratti miidhaa geessisanii gabatee gurraacha irratti barreessun barattootnikee akka barruulee isaanii irratti garagalfachuun akka mari’ataniifi ibsan taasisi. Sana booda abbaltii garee kennuun gara waajjira dhimma dubartootaafi daa’immanii isaanitti dhihoo jiru deemuun hudhaalee kabajamuu

mirgoota namummaa ta'an qorachuun gabaasa akka dhiyeessan taasisi. Dhuma irratti argannoo isaanii dareef akka ibsan taasisi.

Dhiibbaa hiyyummaafi dhabamuun walqixxummaa kabajamuu mirga dhala namaa irratti qaqqabsiisan gareedhaan mari'adhaa.

Biyya tokko keessatti hiyyummaa gadi fagoon kabajama mirga lammiilee akka galma hin geenye kan danqudha. Beelli mirgi dhala namaa akka sarbamuufi namootni beela'an mirgoota namoota biroo akka hin kabajne taasisa. Gara biroon immoo dhabamuun walqixxummaa hawaasni misoomaafi guddina biyya tokkoof akka hin hiriirre kan taasisudha. Fakkeenyaaf, dubartootni yeroo dheeraf gita hojii gadi aanaa irratti ramadamaa kan turan yoo ta'u kun immoo guddinaa biyyaa, ijaarsa diimokiraasiifi mirgootni dubartootaa akka hin kabajanne kan danqudha.

Saamamuu Humna Daa'immanii

Saamiinsi humna daa'immanii sarbama mirgoota bu'uuraa dhala namaa kan guddina miidhaa qaamaafi xiin-sammuu daa'immanii irratti geessisudha. Saamiinsi humna daa'immanii miidhaa cimaa qaamaafi sammuu akkasumaas du'a hordofsiisuu kan danda'udha. Kunis sababa ijoo miidhaawwan akka garbummaa, walqunnamtii saalaa, saamiinsa dinagdeefi saamiinsa humna daa'immanii irratti kan geessisuudha. Karaa biroon immoo gochi kun daa'imman carraa barnootaafi yaala fayyaa akka hin arganne danquun carraa jireenya egeree isaanii kan jeequdha.

Hudhaalee kabajamuu dhabuu mirga namummaa toora "A" jala jiran amaloota isaanii kan toora "B" jala jiraniin walitti firoomsii.

T/L ak		"A"		"B"
1	B	Daa'imman humnaa ol hojjechiisuu	A	Barmaatilee dubartoota miidhan
2	C	Iddoo jireenyaa irraa buqqa'uu	B	Saamicha humna daaa'immanii
3	A	Gaa'ela yeroo maleefi butii	C	Buqqaatii

Gochaa Barannoo

Beekumsa waa’ee kabajamuu mirga namummaa qabaachuun barbaachisaadha. Kanaafis, gabatee gurraacha irratti mata duree barreessun barattootni kee barruulee isaanii irratti garagalfatanii akka mari’atan taasisi. Sana booda barattootni waa’ee labsii waliigala dhaabbata mootummoota gamtoomanii mirga daa’immanii irratti kana bara 1989 akka ilaalan taasisi. Dhuma irratti argannoo isaanii dareef akka ibsan taasisi.

Keessa deebii Baranno

Guduunfaa barannoo taasisuun, barannoo kana barattootakee gaaffii afaaniifi battallee kennuun madaaluu qabda. Gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga’e murteessuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaatti barattootni kee qabiyyee ijoo hammam akka hubatan baruuf gaaffii gaafadhu. Dhuma irratti hubannoo isaanii mirkaneeffachuuf dhuunfaadhaan akka hojjataniif gaaffilee shaakala dhuunfaa laadhu

Deebii Gaaffilee Shaakala Xumura Boqonnaa

T/Lakk.	Dhugaa/Soba	Filannoo		Firoomsuu	
1	Soba	1	A	1	C
2	Soba	2	C	2	B
3	Dhugaa	3	A	3	A
		4	C		
		5	E		
Deebii Gabaabaa					

1. Mirgi walqixxummaa maali?

Mirgi walqixxummaa kan nutti agarsiisuu, namni kamiyyuu mirga tajaajila walfakkaataa dhaabbilee mootummmaafi miti mootummaa irraa argachuudha. Karaa kamiiniyyuu bu’uura seeraa tokko malee namoonni haala adda ta’een namoota biroorraa adda baafamuun keessummeeffamuu hin qaban. Mirgi walqixxummaa carraa walqixa ta’e lammiileen akka jireenyaa fooyyessuufi dandeettii isaaniitti fayyadaman kan mirkaneessuudha.

2. Akaakuuwwaan mirgoota namummaa maal fa'i?
 - A. Mirga siyaasaafi lammiilee
 - B. Mirga diinagdee, hawaasummafi aadaa
 - C. Mirga waliif dhimmamuu

3. Barmaatileen aadaa kabajamuu mirgoota namummaa irratti miidhaa akkamii qabu?

Gochaawwan barmaatilee aadaa miidhaa qaamaafi xiin-sammuu dhala namaarratti kan geessisaniidha. Gochaawwan kunniin keessumattuu daa'immanfi dubartoota irratti miidhaa ol'aanaa geessisu. Fkn Daa'imman mana barumsaa akka hin deemne, dubartoonni nyaata halluu adii akka hin nyaanne fa'a kaasuun ni danda'ama.

BOQONNAA JAHA

WALDHABDEE FURUUFU NAGEENYA MIRKANEESSUU

Ibsa Boqonnicha

Boqonnaan kun kan irratti xiyyeeffatu naannoo barnoota safuu kutaa darbe keessatti barsiifedha. Yaad-rimee waldhabdeefi nagaa, xiinxala ka’umsa waldhabdeefi tooftaalee ittiin waldhabdee furan, barbaachisummaa nageenya mirkaneessuufi dhaabbilee aadaa hawaasaa ittiin waldhabdee hawaasa keessatti ittiin hiikan kan hubachiisudha. Kanaafuu, barattootni dandeettii waldhabdee hiikuufi jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti hojii irra akka oolchan isaan dandeessissa.

Jechoota ijoo

- Waldhabdee

➤ Nagaawal dhabdee Furuu
- Nageenya Mirkaneessuu

➤ Dhaabbilee aadaa waldhabdee ittiin furan

Kaayyoo	Qabiyyee
Xumura barannoo boqonnaa kanaatti barattootni: ➤ Yaad-rimee nageenyaafi waldhabdee ni hubatu. ➤ Barbaachisummaa nageenya mirkaneessuu ni beeku. ➤ Ka’umsa waldhabdee ni tilmaamu. ➤ Tooftaalee waldhabdee ittiin furan adda baasuun ni xiinxalu. ➤ Dandeettiifi tooftaalee waldhabdee ittiin furan akkamitti hojii irra akka oolchan ni hubatu. ➤ Barbaachisummaa gahee dhaabbilee aadaa waldhabdee ittiin furan ni madaalu.	6.1 Yaad-rimee nagaafi waldhabdee 6.2 Ka’umsa/sababoota waldhabdee 6.2.1 Wal-dhabdee Furuu 6.2.2 Toftaalee Waldhabdee ittiin furan 6.3 Nageenya Mirkaneessu 6.3.1 Faayidaa Nageenya Mirkaneessu 6.4 Dhaabbilee Aadaa Hawaasaa Waldhabdee ittiin furan

Barannoo 1: Yaad-rimee Waldhabdeefi Nageenyaa

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Waldhabdeen maal akka ta'e ni ibsu.
- ❖ Yaad-rimee nageenyaa ni himu.
- ❖ Hariiroofi garaagarummaa nagaafi waldhabdee gidduu jiru adda baafatu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, marii garee, caayaa qo'achuu, Seensaafi Ibsa , Hojii dhuunfa, callaqqee	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee, Waldhabdeefi nageenya irratti barr'an. - Best, S.G. (2005). Introduction to peace and conflict studies in West Africa- A reader (Ed.). Ibadan: Spectrum Books Ltd

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoon kun waa'ee yaad-rimee waldhabdeefi nageenyaan jalqaba. Kanaafis, mata duree barannichaa gabatee gurracha irratti barreessuun barattootni barruulee isaanii irratti akka kataban taasisi.

Gaaffilee Xiinxala barannoo

1. Waa'ee Waldhabdee maal yaadda?
2. Waldhabdeen gaarii moo yaraadha? Yaadni kee maali?
3. Yommuu jecha nagaa jedhu dhageessu maaltu sammuu keetti dhufa?

Barattootni muuxannoo garaagaraa qaban callaqqee erga kennaniin booda ati immoo callaqqee waliigalaa gabatee gurracha irratti barreessitii haala armaan gadiittin darichaaf hubannoo uumi.

Jechi Waldhabdee (Conflict) jedhu, jecha Laatinii “Confligere” hiikni isaanis “wal rukutuu” jechuudha. Kana jechuun, garaagarummaa yaadaa, fedhii, ilaalcha siyaasaa, qajeelfama amantaafi hubannoo irraa ka’a.

Dabalataanis, beektotni yaad-rimee nagaa jedhu bakka lamatti qoodanii ilaalu. Isaanis: Yaada nageenyaa sirrii hin taaneefi yaada nageenya sirrii ta’e jedhamanii beekamu. Yaadi nageenya sirrii hin taane (negative peace) waraanni ykn kallattiin wal fincilli jiraachuu dhibuu yommuu ta’u, nageenyi sirriin (positive peace) immoo haqniifi hariiroo gaariin jiraachuu akkasumas, dhalli namaafi uumamni biroon nageenyaan waliin jiraachuufi sababoota waldhabdee hir’isuudha jedhanii xiinxalu.

Gocha Barannoo: Hojii dhuunfaa, Marii gareefi Caayaa qo’achuu

1. Kitaaba Barataa irra caayaan waa’ee Namarraafi Baayyuu jira. Caayaa kanas dareef dubbisi. Cimdiihaan hojjetanii callaqkee akka dareef dhiyyeessan taasisi. Caayicha irraas barannoo maal akka argatan gaafadhu. Callaqkee isaanii irratti yaada waliigalaa waa’ee Waldhabdee Namarraafi Baayyuu kenni.
2. Kana booda tokkoon tokkoo barataa waldhabdee ji’oota darban keessatti isaan mudate maal irrattiifi eenyu waliin akka waldhaban gaafadhu. Kaayyoon gocha kanaas barattootni akka barannoo guyyichaa keessatti of ilaalan isaandandeessisa.
3. Ammas, barattootakee gareedhaan qoodi, kaayyoon isaas barattootni gochicha barannoo guyyaa waliin akka walitti fidan gochuuf gargaara. Jecha hayyuu kitaaba barataa irratti barreeffame gabatee guraacha irratti barreessii gareen akka irratti mari’atan godhi. Barattoota yaada isaanii hiriya isaaniif hiruu hin dandeenye qajeelchi. Erga maree xumuranii booda akka dareef calaqkee dhiyyeessan taasisi. Guduunfaa yaad-rimee calaqkee isaanii gabatee gurraacha irratti barreessiif.

Keessa Deebii Barannoo

Barannoo kanaaf, akkuma barannoo biroo barattotaa af-gaaffii, hoji-maneeff battalleetiin madaaluu ni dandeessa. Dabalataanis, gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hagam galma akka ga’e murteessuuf si gargaara. Barattootni mala baruufi barsiisuu akkamii filatu? Dubbisuu, barreessuu moo od-ibsa? Maaliif filatu? Akkamitti ofitti amanamummaadhaan gochicha xumuran? Barattootni haala gaariin kan hojjetan gareen, dhuunfaanimoo cimidiini? Dabalataan, barattoota waa’ee yaad- rimee nagaafi wal dhabee gaafadhuutii akka isaan yaadatan taasisi.

Barannoo 2: Ka'umsa/Sababoota Waldhabee

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Sababoota waldhabdee adda ni baafatu.
- ❖ Sababoota waldhabdee maatii, hiriyaafi mana barumsaatti uumamu ni ibsu.
- ❖ Amala lammii gaarii maatii, obbolootaafi hiriya isaaniitti ni argisiisu.

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoon kun sababoota waldhabdee ibsuun eegala. Barattotakee waa'ee barannoo yaad- rimee waldhabdeefi nagaa darbe yaadachiisi.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, marii garee, Seensaafi Ibsa , Hojii dhuunfa, callaqee, Hooggansi naannoo muuxannoo akka qooduuf afeeri	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee sababoota waldhabdee irratti barra'an. - Barash,D. and Webel, C.(2002)Peace and Conflict studies, Thousand Oaks, CA: Sage.

Gaaffilee Xiinxala Barannoo

1. Waldhabdeen yommuu raawwatu argitee beektaa? Yoo argitee beekta ta'e sababootni isaa maali?
2. Sababootni waldhabdee obboloota gidduuti raawwatu maali?
3. Sababootni waldhabdee mana barumsaatti raawwatu maali?
4. Sababootni miirri anatu caalaa akka uumamu godhan maali fa'i?

Gocha Barannoo: Hojii dhuunfaa, Marii garee, Caayaa qo'achuufi gahee taphachuu

1. Barattootakee gareedhaan qoodi, kaayyoon isaas barattootni sababoota waldhabdee namoota dhuunfa gidduutti uumamu akka adda baafataniif. Barattoota yaada isaanii hiriya isaaniif hiruu hin dandeenye qajeelchi. Erga maree xumuranii booda akka dareef calaqee dhiyeessan taasisi. Guduunfaa yaad-rimee calaqee sababoota waldhabdee dhuunfaa gidduutti jiru gabatee gurraacha irratti barreessiif.
2. Tokkoon tokkoo barataa dhimma Ojuluufi Haadha isaa akka yaada kennan godhi.

Kaayyoon gocha kanaas barataan amala lammii gaarii akka maatii isaatti argisiisu gochuudha. Barattoota yaada isaanii hiriya isaaniif hiruu hin dandeenye deeggari. Erga maree xumuranii booda akka dareef calaqqee dhiyeessan taasisi. Guduunfaa yaad-rimee calaqqee isaanii gabatee gurraacha irratti barreessiif.

3. Akkasumas, Caayaa qo'achuun waa'ee seenaa abbaafi ilmaan walqabate kitaaba barataa irra jira. Barataan tokko sagalee guddisuun dareef akka dubbisu affeeri. Seenaa caayaa kanaa keessatti barattootni fedhaan akka abbaa, ilmaafi hogganaatti gahee akka taphatan taasisi. Cimdiidhaan hojjetanii dareef akka dhiyeessan godhi. Itti aansuun, barattootni sababa bu'uura waldhabdee abbaafi ilmaa akka adda baasan gaafadhu. Xumura irratti caayaa qo'achuufi gahee taphatan irraa maal akka baratan gaafadhu. Guduunfaa yaad- rimee calaqqee isaanii gabatee gurraacha irratti barreessiif.

Keessa deebii Barannoo

Barannoo kanaaf, akkuma barannoo biroo barattotaa af-gaaffii, hoji-maneeff battalleetiin madaaluu qabda. Dabalataanis, gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hagam galma akka ga'e murteessuuf si gargaara.

Barattootni mala baruufi barsiisuu akkamii filatu? Dubbisuu, barreessuu moo od-ibsa? Maaliif akka filatan beektaa? Akkamitti ofitti amanamummaadhaan gochicha xumuran? Barattootni haala gaariin kan hojjetan gareen, dhuunfaanimoo cimidiini? Akkasumas, barattootni waa'ee yaad-rimee waldhabdee akka yaadatan taasisi. Tokkoon tokkoo barataa hordofuun gocha dhuunfaa, marii garee, caayaa qo'achuufi yaada kennuu akka danda'an maadaali.

Barannoo 3: Waldhabdee Furuu Tooftaalee Waldhabdee Furuu**Xumura barannoo kanaatti barattootni:**

- ❖ Wal-dhabdeen maal akka ta'e ni ibsu.
- ❖ Tooftaalee garagaraa waldhabdee ittiin hiikan adda ni baafatu.
- ❖ Amaloota waliigaltee gaarii ni himu.
- ❖ Ogummaa araarsaa/araarsituu gaarii ni ibsu
- ❖ Gahee wal falmii seeraan waldhabdee furuu ni himu.
- ❖ Ogummaa wal-dhabdee furuu jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti hojii irra ni oolchu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, marii garee, Hojii dhuunfa, callaqqee, Caayaa qo'achuu, Hojii cimdii	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee tooftaalee waldhabdee furuu garagaraa irratti barra'an. - Galtung, J. (1996) Peaceby peaceful Means, London:Sage.

Barannoon kun waldhabdee furuufi tooftaalee ittiin wal dhabdee furaniin eegala. Barattotakee waa'ee barannoo yaad-rimee sababoota waldhabdee yeroo darbee gabatee gurraacha irratti barreessitii akka yaadatan taasisi

Gaaffilee Xiinxala Barannoo

1. Waa'ee waldhabdee furuu maal hubatte?
2. Maloota murtoo karaa nagaan waldhabdee ittiin furan maal fa'i?
3. Waldhabdeen akkamitti naannoo keetti furama?
4. Waliigalteen maali? Akkamitti waldhabdee furuuf gargaara?
5. Araarsuun maali? Akkamitti waldhabdee furuuf gargaara?
6. Muuxannoo araarsuu ga'umsa qabuu tarreessi.

Calaaqqee barattootni gaaffiilee armaan olii irratti kennan hubannoo waliigalaa uumuuf gabatee gurraacha irratti barreessuun daree guutuuf qoodi.

Gocha barannoo: Hojii dhuunfaa, Cimdii mari'achuu, caayaa qo'achuufii gahee taphacuu

1. Tokkoon tokkoo barataa dhimma Tsiyooniifi Mohaammad akka yaada kennan godhi. Kaayyoon gocha kanaas barattootni tarsiimoofi muuxannoo waliigaltee gaarii akka adda baafatan isaan dandeessisa. Barattoota yaada isaanii hiriya isaaniif hiruu hin dandeenye deeggari. Erga maree xumuranii booda akka dareef calaqqee dhiyyeessan taasisi. Guduunfaa yaad-rimee calaqqee isaanii gabatee gurraacha irratti barreessiif.
2. Kitaaba barataa irraa caayaa qo'achuu lamatu jiru. Inni jalqabaa gahee araarsuu barattoota wal dhaban giddutti yommuu ta'u inni biroon immoo gahee jaarsummaa wal dhabdee barattoota kitaabni iddoo malee ka'ame irratti waldhaban furuu ta'a. Kanaafuu, guduunfaa yaad-rimee calaqqee ijoo gabatee gurraacha irratti barreessiif.
3. Barattootakee gareedhaan qoodi, kaayyoon isaas barattootni tooftaalee idileefi al-idilee ittiin waldhabdee furan gama yeroon, baajetaafi dhamaatiin akka madaalan taasisi. Gabatee kitaaba isaanii irra jiru barruulee isaanii irratti akka kataban godhi. Barattoota yaada isaanii hiriya isaaniif hiruu hin dandeenye deggeri. Erga maree xumuranii booda akka dareef calaqqee dhiyyeessan taasisi. Xumura irratti, guduunfaa yaad-rimee calaqqee isaanii gabatee gurraacha irratti barreessiif.

Keessa deebii barannoo

Barannoo kanaaf, akkuma barannoo biroof barattotaa af-gaaffii, hoji-maneeff battalleen madaaluu dandeessa. Dabalataanis, gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e murteessuuf si gargaara.

Barattootni mala baruufi barsiisuu akkamii filatu? Dubbisuu, barreessuumoo od-ibsa? Maaliif akka filatan akka himan taasisi? Akkamitti ofitti amanamummaadhaan gochicha xumuran? Barattootni haala gaariin kan hojjetan gareen, dhuunfaanimoo cimidiini? Akkasumas, barattootni waa'ee yaad-rimee waldhabee furuufi waliigaltee gaarii akka yaadatan taasisi. Tokkoon tokkoo barataa hordofuun gocha dhuunfaa, cimdiin xiinxaluu, duub-deebii kennuu, caayaa qo'achuufi gahee taphachuu irratti yaada kennuu akka danda'anmaadaali.

Barannoo 4: Nageenya mirkaneessuu

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Yaad-rimee nageenya mirkaneessu ni ibsu.
- ❖ Faayidaa nageenya mirkaneessuun qabu ni himu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoon kun tooftaalee nageenya mirkaneessuun eegala. Barattotakee waa'ee barannoo yeroo darbee yaad-rimee tooftaalee waldhabdee furuufii waliigaltee gabatee gurraacha irratti barreessitii akka barruulee isaanii irratti kataban taasisi. Barattootni muuxannoo waa'ee faayidaa nageenya mirkaneessu qabaachuu danda'u. Barattootnis calaqqee gaaffilee armaan olii irratti kennan hubannoo waliigalaa akka argataniif gabatee gurraacha irratti barreessuun daree guutuuf qoodi.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, marii garee, Hojii dhuunfa, callaqqee, Caayaa qo'achuu, Hojii cimdii	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee nageenya mirkaneessu irratti barra'an. - Webel C. Galtung, J. (2007) A hand book of peace and conflict studies

Gaaffilee xiinxala barannoo

Waa'ee nageenya mirkaneessu yommuu dhageessu maaltu sammuu keetti dhufa?

Gocha barannoo: Marii gareefi gocha dhuunfaa

1. Daricha gareen addaan qoodi. Kaayyoon isaas, barattootni haala nagaa waliin jireenya uummataa jeeqan akka itti yaadaniifi gahee nageenya mirkaneessuf taphatan akka bahan isaan gargaara. Akkasumas, tarsiimoofi muuxannoo waliigaltee gaarii akka adda baafatan isaan dandeessisa. Barattoota yaada isaanii hiriya isaaniiif hiruu hin dandeenye deggeri. Erga maree xumuranii booda akka dareef calaqqee dhiyyeessan taasisi. Xumuratti, guduunfaa yaad-rimee calaqqee isaanii gabatee gurraacha irratti barreessiif.

Barattootni waraqaa citaa baafatanii waa'ee ciminaafi hanqina tooftalee waldhabdeee furuu akka adda baasanii barreessan taasisi. Barattoota yaada isaanii hiriya isaaniiif ibsuu hin dandeenye deggeri. Akkaisaangadifageenyaan irratti yaadaneeyyamiif akkadareef calaqqee dhiyyeessan taasisi. Guduunfaa yaad-rimee calaqqee isaanii gabatee gurraacha irratti barreessiif.

Keessa deebii barannoo

Barannoo kanaaf, akkuma barannoo biroo barattota af-gaaffii, hoji-manee fi battalleettin madaaluu qabda. Dabalataanis, gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannoo hangam galma akka ga'e murteessuuf si gargaara.

Barattootni mala baruufi barsiisuu akkamii filatu? Dubbisuu, barreessuumoo od-ibsa? Maaliif akka filatan gaafadhu. Akkamitti ofitti amanamummaadhaan gochicha xumuran? Barattootni haala gareen, dhuunfaanimoo cimdiin hojjetan? Akkasumas, barattootni waa'ee yaad-rimee nageenya mirkaneessuufi barbaachisummaa akka yaadatan taasisi. Tokkoon tokkoo barataa hordofuun gocha dhuunfaa, marii garee, duub-deebii kenniif.

Barannoo 5: Dhaabbilee Aadaa Waldhabdee Hawaasaa Furan

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- ❖ Dhaabbilee aadaa waldhabdee hawaasaa furan adda ni baasu.
- ❖ Gahee dhaabbilee aadaa wal-dhabdee furuun nageenya mirkaneessan ni xiinxalu.
- ❖ Gahee dhaabbileen aadaa waldhabdee furuu keessatti qaban ni ibsu.

Ibsa Gabaabaa Barannoo

Barannoon kun tooftaalee dhaabbileen aadaa Itoophiyaa keessatti waldhabdee ittiin furaniin eegala. Barattotakee waa'ee barannoo yeroo darbee yaad-rimee tooftaalee nageenya mirkaneessuufi faayidaa isaa akka yaadataniif gabatee gurraacha irratti barreessitii akka barruulee isaanii irratti kataban taasisi.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, gabatee adii, boronqii, kitaaba barataa, qalama, Fakkii, qubeessaa	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, marii garee, Hojii dhuunfa, callaqqee, Caayaa qo'achuu, Hojii cimdii	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee tooftaalee dhaabbilee aadaa wal-dhabdee furan irratti barra'an. - Bahta, G.T (2014). Popular dispute resolution mechanism in Ethiopia: trends, Opportunities and prospects. Africa Journal on Conflict resolution, 14(1), 99-123.

Gaaffilee xinxala Barannoo

- Dhaabbilee aadaa hawaasa keessatti waldhabdee ittiin furan tarreessi.

Barattootni muuxannoo waa'ee dhaabbilee aadaa hawaasa keessatti wal dhabdee ittiin furan qabaachuu danda'u. Barattootnis calaqqee gaaffilee armaan olii irratti kennan irratti hundaa'itii hubannoo waliigalaa akka argataniif gabatee gurraacha irratti barreessuun daree guutuuf qoodi.

Gocha barannoo: Daawwii dirreefi calaqqee

Barannoo kana keessatti barataan maatii, fira ykn jaarsolii biyyaa akkamitti waldhabdee hawaasa keessatti ka’an akka furan gaafatnii dareef calaqqee akka dhiyeessan taasisi. Kunis barattootni, jaarsolii biyyaa dubbisuufi namoota beekamoo hawaasa keessaa dareetti akka afeeran gochuun akkamitti waldhabdee hawaasa keessatti akka furan muuxannoo haaqoodan.

Keessa deebii Barannoo

Barannoo kanaaf, akkuma barannoo biroo barattotaa af-gaaffii, hoji maneeff battalleetiin madaaluu qabda. Dabalataanis, gaaffileen madaallii kunneen kaayyoon barannookee hangam galma akka ga’e murteessuuf si gargaara.

Barattootni mala baruufi barsiisuu akkamii filatu? Dubbisuu, barreessuu moo od-ibsa? Maaliif akka filatan haa himan. Akkamitti ofitti amanamummaadhaan gochicha xumuran? Barattootni haala gaariin kan hojjetan gareenii, dhuunfaanimoo cimdiiini? Akkasumas, barattootni waa’ee yaad-rimee tooftaalee dhaabbilee aadaa waldhabdee ittiin furan akka yaadatan taasisi. Tokkoon tokkoo barataa hordofuun gocha dhuunfaa, callaqqeeff duub-deebii kenniif.

Deebii gaaffilee xumura boqonnaa

L. K	Dhugaafi Soba	Filannoo				Bakka Duwwaa
1	Dhugaa	1	C	5	C	Haasaa Jibbinsa
2	Soba	2	D	6	C	Giddu galeessummaa
3	Soba	3	A			
4	Soba	4	A			

BOQONNAA TORBA

GADI FAGEENYAAN YAADUUFU DANDEETTII RAKKOO FURUU

Ibsa Boqonnichaa

Kutaa 7 keessatti waa’ee gadi fageessanii yaaduu adeemsa wantoota dhugaa ykn soba jennee murteessuuf sababa qabaachuu akka ta’e barataniiru. Kunis ragaa qabatamaafi sababa irratti hundaa’uun adeemsa gocha tokko fudhaachuufi amanuuti. Bu’uuruma kanaan barannoo kana keessatti hiikkoo rakkoo furuu, gulantaalee rakkoo furuu, gulantaalee gadi fageenyaan yaaduu, adeemsa murtoo kennuu keessatti, dandeettii gadi fageenyaan yaaduu, tarsiimoo gadi fageenyaan yaaduu kan baratan ta’a. Dhuma irratti barbaachisummaa dandeettii gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu barattootaa kan barsiistu ta’a.

Jechoota Ijoo

- Gadi fageenyaan yaaduun
- Murtoo kennuu
- Rakkoo furuu
- Falmii

Kaayyoo	Qabiyyee
Xumura boqonnaa kanaatti barattootni: ➤ Yaada-rimee rakkoo furuu ni beeku. ➤ Gulantaalee gadi fageessanii yaaduufi rakkoo furuu ni hubatu. ➤ Barbaachisummaa gadi fageenyaan yaaduun rakkoo furuu keessatti qabu ni madaalu. ➤ Akkamitti dandeettiin gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu hojiirra akka oolu ni xiinxalu.	7.1 Hiikkoo rakkoo furuu 7.2 Gulantaalee rakkoo furuu. 7.3 Gulantaalee gadi fageenyaan yaaduu adeemsa murtoo kennuu keessatti. 7.4 Dandeettiifi amaloota gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu. 7.5 Tarsiimoo gadi fageenyaan yaaduu barattootaa ittiin gabbisnu. 7.6 Barbaachisummaa dandeettii gadi fageenyaan yaaduu rakkoo furuu keessatti.

Wayitii kenname: 16

Barannoo 1: Hiikkoo Rakkoo Furuu

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

→ Yaad-rimee rakkoo furuu ni ibsu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiwwan.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, Hoggantoota hawaasaa affeeruu, shaakala dhuunfaa, marii garee.	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee waa’ee hiikkoorakkoo furuu irratti barraa’an. - John Butterworth and Geoff Thwaites, 2013, Critical Thinking and Problem Solving Second edition

Ibsa Gabaabaa barannoo

Barannoo kana keessatti waa’ee hiikkoo rakkoo furuu baratu. Rakkoo furuu jechuun adeemsa namni dhuunfaa beekumsa, dandeettiifi hubannoo kanaan dura qabu haalota hin baratamne isa muudatan furuuf itti gargaaramudha. Namni kamiyyuu rakkoo waliin turuuf fedha hin qabu. Kanaafuu haala kamiinuu fayyadamuun furuun dirqama ta’a.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- ⇒ Rakkoon si muudataa beekaa?
- ⇒ Akkamitti furte?

Deebii gochaa

- ⇒ Kaayyoon rakkoo furuu inni duraa maali?

Jireenyi dhala namaa walakkaan milkaa’inaan kan guutameefi walakkaan immoo rakkoon kan guutame ta’uu barattootakee hubachiisi.

Hawaasaaf haala mijataa uumuudhaaf rakkooleen furamuun dirqama. Rakkoon hin furamne hin jiru. Kanaafuu, barattootni haala isaanii dandaa’ame gargaaramuun rakkoolee isaan mudatan furachuuf yaaluu qabu.

Deebii gochaa

1. Dhimmootni hawaasa obbo Magarsaafi Badhaasaan keessa jiraatanii maali?
 - ✦ Lafti qullaatti hafuufi margi dhabamuu.
 - ✦ Hanqina bishaan dhugaatii namaafi bineeldotaa
 - ✦ Mancaatii biqilootaa
 - ✦ Jijjiiramuu qilleensa baramaa naannoo
2. Yaadni furmaataa rakkoo hawaasaa furuuf karoorfameefi hojiirra oole maali?
 - ✦ Duula hawaasa bal'aa gochuun biqiltuu dhaabuu

Gocha barannoo

Gaaffii xiinxalaa barattootni rakkoo isaan muudatu akkamitti furachuu akka danda'an gaafadhu. Deebii isaanii tokko tokkoon akka waliif qoodan jajjabeessi. Akkaataan salphaan mata-duree barannoo kanaa ittiin hubachiistu gaaffilee barbaachisoo gaafachuudhaani. Waa'ee hiikkoo rakkoo furuu barattootakeef hubachiisuun gaariidha. Kaayyoo kana galmaan ga'uudhaaf, mata-duree barannichaa gabatee gurraacha irratti barreessuun, barattootnis akka barreeffatan taasisi. Xumura irratti mariisisuun ibsa irratti kenni.

Keessa deebii barannoo

Guduunfaa barannoo kennuu, gaaffilee afaaniifi gochaalee barattootaa hordofuu, battalleenis gocha barannoo kanaaf barbaachisaadha. Gaaffileen madaallii kun hangam kaayyoon barannoo kanaa galma akka ga'e beekuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaa irratti barattootni hangam yaad-rimee barannichaa akka hubatan beekuuf gaaffii gaafadhu, dhuunfaan ta'anii akka hojjetaniif gaaffilee shaakalaa kenniif.

Barannoo 2: Gulantaalee Rakkoo Furuu

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Gulantaalee rakkoo furuu ni tarreessu.
- Tokkoon tokkoo gulantaalee rakkoo furuu ni ibsu.


Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiiwwan.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, Hoggantoota hawaasaa affeeruu, shaakala dhuunfaa, marii garee.	Kitaabilee, Maxxansaaaleefi barruulee waa’ee rakkoo furuu irratti barraa’an. http://www.free-management-ebooks.com/news/sixstep-problem-solving-model.

Gulantaalee rakkoo furuu adda baasuuf, garee miseensa nama jaha of keessatti qabu ijaari. Barannoo kana keessatti barattootni gulantaalee rakkoo furuu baratu. Rakkoo furuun adeemsa dhawaata dhawaatan raawwatamudha. Gulantaaleen jahan adeemsa rakkoo furuu: Rakkicha ibsuu, sababa bu’uura rakkoo adda baasuu, maloota furmaata rakkoo bocuu, mala furmaataa filachuufi mala furmaatichaa hojiirra oolchuun bu’aa isaa madaaluudha.

Gaaffilee xiinxala barannoo

1. Gulantaalee rakkoo furuu keessatti gulantaa tokko osoo hin xumurin gulantaa isa birootti darbuun ni danda’amaa?
2. Gulantaalee kanniin keessaa hambisuun ni danda’amaa?

Gulantaalee rakkoo furuu



⇒ Gulantaaleen hawaasni obboo Magarsaafi Badhaasaa rakkoo isaan muudateef furmaata xumuraa irra gahuuf itti fayyadaman maal fa'i?

Deebii gochaa

Gulantaaleen jahan adeemsa rakkoo furuu: Rakkicha ibsuu, sababa bu'uura rakkoo adda baasuu, maloota furmaata rakkoo bocuu, mala furmaataa filachuufi mala furmaatichaa hojjiirra oolchuun bu'aa isaa madaaluudha.

Gocha barannoo

Barattootni gocha dhuunfaan akka raawwatan gochuun, booda gareen walitti dhufuun akka hojjetan gargaari. Kaayyoo kana galmaan ga'uudhaaf, mata duree banannichaa gabatee gurraacha irratti barreessuun, barattootnis akka barreeffatan taasisi. Xumura irratti mariisisuun ibsa irratti kenni.

Keessa deebii barannoo

Gudunfaa barannoo kennuu, gaaffilee afaaniifi gochaalee barattootaa hordofuu, battalleenis gocha barannoo kanaaf barbaachisaadha. Gaaffileen madaallii kun hangam kaayyoon barannoo kanaa galma akka ga'e beekuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaa irratti barattootni hangam yaad-rimee barannichaa akka hubatan beekuuf gaaffii gaafadhu, dhuunfaan ta'anii akka hojjetaniif gaaffilee shaakalaa kenniif.

Barannoo 3: Adeemsa Murtii Kennuu Keessatti Gulantaalee Gadi Fageenyaan Yaaduu

Xumura barannoo kanaatti barattootni:-

- Adeemsa murtii kennuu kessatti gulantaalee gadi fageenyaan yaaduu adda ni baasu.
- Adeemsa murtii kennuu kessatti tokkoon tokkoo gulantaalee gadi fageenyaan yaaduu ni ibsu.

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiwwan.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, Hoggantoota hawaasaa affeeruu, shaakala dhuunfaa, marii garee.	Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee waa’ee adeemsa murtii kennuu keessatti gulantaalee gadi fageessanii yaaduu irratti barraa’an.

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoo kana keessatti, barattootni waa’ee adeemsa murtii kennuu keessatti, gadi fageessanii yaaduu baratu. Murtii kennuu jechuun adeemsa sammuu keenya gocha tokko osoo beeknuu ykn osoo hin beekne murteessudha. Gadi fageessanii yaaduun akka nuti gadi fageessinee yaaduun murtii sirrii murteessinuuf nu gargaara. Murtiin akka tasaa ykn miiraan murtaa’u bu’a qabeessa hin ta’u. Kunis gulantaalee mataa isaa akkamitti murtii sirrii akka itti kenninu qaba. Gulantaaleen kunniinis murtoo adda baasuu, odeeffannoo sirrii funaanuu, filannoowwan adda baasuu, ragaalee madaaluu, filannoowwan dhiyaatan keessaa isa sirrii ta’e filachuu, tarkaanfii fudhachuun murtii keenyaafi bu’aa isaa irra deebi’uun ilaaluu fa’a.

Gaaffilee xiinxala barannoo

1. Adeemsa murtii kennuu keessatti gadi fageenyaan yaaduu jechuun maal jechuudha?

Gocha

⇒ Caayaa kitaaba barataa irratti barraa'e keessatti waa'ee murtii laachuufi gadi fageenyaan yaadu maal hubatta?

Dura bu'aan mana barumsaa barattoota Galgaloofi Toleeraa irratti ariitiidhaan murtii irratti hin fudhanne. Amala barattoota lameenii hubatee osoo jiruu, odeeffannoo waa'ee isaanii hunda funaannatee gulantaalee adeemsa murtii kennuu keessa darbuun murtoo irratti dabarsuu barbaade. Odeeffannoo kana barattoota mataa isaanii irraa, barattoota biroo irraafi hawaasa mana barumsaa irraa hubateera. Hundi isaanii yaaduma walfakkaatu kennan.

Dhimmichi haala baruu barsiisuu waan jeequuf barattootni kun mana barumsaa irraa ari'aman. Kanaafuu, murtii kennuun xiinxala gadi fagoo geggeessuu gaafata.

Gocha

⇒ Caayaa kitaaba barataa irratti barraa'e keessatti murtiin hoggansi mana barumsaa barattoota jeeqan irratti dabarse maali?

✦ Mana barumsaa irraa sababa amala badaa agarsiisaniif ari'eera.

⇒ Caayaa kanarraa dura bu'aan mana barumsaa odeeffannoo akkamii funaanaature?

✦ Barattota shamarranii dallaa mana barumsaa keessaafi alatti doorsisuu isaanii.

✦ Dallaa mana barumsaafi alatti wal loluu

⇒ Caayaa kana irraa filannoon mana barumsaa barattoota jeeqaniif qabu maal fa'i?

✦ Barattoota mana barumsaa irraa ari'uun filannoo isa dhumaa miti. Garuu immoo barattootni amala badaa isaanii kana irraa hin deebi'an yoo ta'e murtee akkanaa fudhachuun barattootni biroos akka irraa baratan taasisa.

⇒ Caayaa kana keessatti dura bu'aan mana barumsaa akkamitti ragaalee barattoota jeeqanii madaale?

✦ Barattoota kana jarjarnii ari'uu irra gulantaalee keessa darbamuu qabu hunda keessa dabarsuun akka irraa deebi'anis yaalamus xumura irratti gocha isaanii irraa deebi'uu waan hin dandeenyeef tarkaanfiin irratti fudhameera.

Gocha

⇒ Caayaa armaan olii keessatti manni barumsaa akkamitti filannoowwan jiran keessaa filachuun murtoo irratti walii gale?

✦ Amalli badaan barattootni kun agarsiisan barattoota mana barumsichaa mara irratti dhiibbaa waan geggeessuuf, isaan biroo barsiisuuf jecha tarkaanfiin kun fudhatame.

Gocha barannoo

Mata-duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun, barattootnis akka barreeffatan taasisi. Hubannoo waa’ee adeemsa murtii kennuu keessatti gadi fageessanii yaaduu barattootni kee akka qabaatan gochuun murteessaadha. Xumura irratti mariisisuun ibsa irratti kenni.

Keessa deebii barannoo

Guduunfaa barannoo kennuu, gaaffilee afaaniifi gochaalee barattootaa hordofuu, battalleenis gocha barannoo kanaaf barbaachisaadha. Gaaffileen madaallii kun hangam kaayyoon barannoo kanaa galma akka ga’e beekuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaa irratti barattootni kee hangam yaad-rimee barannoo kanaa akka hubatan beekuuf gaaffii gaafadhu, dhuunfaan ta’anii akka hojjetaniif gaaffilee shaakalaa kenniif.

Barannoo 4: Dandeettiifi Amaloota Gadi Fageenyaan Yaaduufi Rakkoo Furuu**Xumura barannoo kanaatti barattootni:**

- Dandeettii gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu ni gonfatu.
- Dandeettii gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu ni dinqisiifatu

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiwwan.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, Hoggantoota hawaasaa affeeruu, shaakala dhuunfaa, marii garee.	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee waa'ee Dandeettiifi amaloota gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu irratti barraa'an. - John Butterworth and Geoff Thwaites, 2013, Critical Thinking and Problem Solving Second edition.

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni dandeettiifi amaloota gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu baratu. Dandeettiin gochaa namootni guyyaa guyyaan raawwataniidha. Yaaduu akka dandeettiitti yoo hiiknu gochoota xiinxaluu, madaaluufi ibsuu akkasumas hudhaalee kanneen akka rakkoo furuufi walfalmii walxaxoo ta'an madaaluu jechuudha. Dandeettiin tuuta beekumsaa sirriitti calalamanifi kaayyoo galmaan gahuuf hojiirra oolanidha.

Dandeettii gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuuf barbaachisan akka armaan gadiitti eeramaniiru

- ⇒ **Hubannaafi ibsa:** Innis dandeettii hubannoo akka nuti gadi fageenyaan barbaachisummaa muuxannoo, haalota, gochaalee, murtiifi ilaalchaa irratti qabaannu nu gargaara.
- ⇒ **Hariiroowwan adda baasuu:** Inni kun immoo dandeetti akka nuti akkamitti hariiroo wanta yaadameefi agarsiistuuwwan adda baasuun gara gochaatti jijjiirru kan nutti agarsissudha.
- ⇒ **Dhugummaa madaaluu:** Innis dandeettii hiikkoofi ibsa adda addaa dhugummaa isaa ittiin mirkaneessinudha.
- ⇒ **Murtii sababa-qabeessa murteessuu/ Drawing reasonable conclusions:** jechuun dandeettii murtii sababawaa laachuuf haal-dureewwan jiran xiyyeeffannoon akka adda baasnuuf nu gargaara.
- ⇒ **Ibsa:** Ibsi dandeettii bu'aa sababawaa ibsuuf nu gargaara.
- ⇒ **Of to'achuu:** of to'achuun adeemsa beekumsa sammuutiin gocha raawwannu kamiyyuu to'achuuti. Kanaafis kaayyoo keenya galmaan gahuuf raawwiin keenya gaaffii gaafachuu, mirkaneessuu, dhugoomsuufi sirreessuun ta'a.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- ⇒ Dandeettiin gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu maal fa'i?
- ⇒ Gaheen tokkoon tokkoo dandeetti gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuumaali?

Deebii

- Dandeettii waahubachuu, hariiroowwan adda baasuu, dhugummaa madaaluu, murtii sababawaa murteessuu, ibsuufi of to'achuu fa'adha.

Gocha barannoo

Mata-duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun, barattootnis akka barreeffatan taasisi. Hubannoo waa'ee adeemsa murtii kennuu keessatti gadi fageenyaan yaaduu barattootni akka qabaatan gochuun murteessaadha. Xumura irratti mariisisuun ibsa irratti kenni.

Keessa deebii barannoo

Guduunfaa barannoo kennuu, gaaffilee afaaniifi gochaalee barattootaa hordofuu, battalleenis gocha barannoo kanaaf barbaachisaadha. Gaaffileen madaallii kun hangam kaayyoon barannoo kanaa galma akka ga'e beekuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaa irratti barattootni kee hangam yaad-rimee barannoo kanaa akka hubatan beekuuf gaaffii gaafadhu, dhuunfaan ta'anii akka hojjetaniif gaaffilee shaakalaa kenniif.

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Amaloota gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu ni ibsu
- Ibsa gabaabaa barannoo

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiiwwan.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, Hoggantoota hawaasaa affeeruu, shaakala dhuunfaa, marii garee.	- Kitaabilee, Maxxansaaaleefi barruulee waa’ee amaloota gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu irratti barraa’an. http://www.freeinquiry.com/critical-thinking.html

Barannoo kana keessatti barattootni amaloota gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu ni baratu. Gadi fageessanii yaaduufi rakkoo furuun amala/bartee fi dandeettiidha. Amalli bartee idileedhaan nuti waan beeknu ykn osoo hin beekin raawwannudha. Amalootni rakkoo furuu kunneenis; Ragaa, ogummaafi loogii malee itti fayyadamuu; yaada beekumsaa qindeessuufi walduraa duuban itti fayyadamuu; Ragaa murtoof gahaa hin taane itti fayyadamuu dhiisuu;rakkoo numudateefi dhimmoota falmisiisoo ta’aniif beekamtii kennuu; yeroo gahaa kennuun wantoota walxaxoo hubachuufi irra aanuuf tattaafachuu; murtii filannoo keenyaa bu’ureeffate osoo hin taane murtii ragaa bu’ureeffate kennuudha.

Gaaffilee xiinxala barannoo

- Amaloota gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu muraasa himuudandeessaa?

Gocha

Barattootakee amanamoo akka ta’aniifi amaloota kitaaba isaanii keessatti caqasaman waliin walbira qabuun akka jiraatan jajjabeessi. Barattootni amaloota dhuunfaa isaanii sakatta’uun, gareen ta’uudhaan amaloota isaanii waliif akka qoodan taasisi.

⇒ Amala Obang gadi fageenyaan yaaduu keessatti qabu akkamitti ilaalta?

⇒ Dandeettii gadi fageenyaan yaaduu qaba jettee yaaddaa? Yaada keemirkaneessi.

Amalootni isaa:

- ✦ Amala gadi fageenyaan yaaduu hin qabu.
- ✦ Yaadnisaa dogongora akka hin qabnetti amana.
- ✦ Rakkoon akka namummaa isaa miidhutti ilaala.
- ✦ Rakkoo walxaxaa furuuf obsa hin qabu.
- ✦ Yaada dhuunfaa isaa irraa ka'uun kan nama biroo madaala.
- ✦ Yaada ofiisaa malee kan nama biroo fudhachuuf eeyyamamaa miti.

Gocha barannoo

Mata-duree barannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun, barattootnis akka barreeffatan taasisi. Hubannoo waa'ee adeemsa amaloota gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu barattootni kee akka qabaatan gochuun murteessaadha. Gaaffilee barbaachisoo gaafadhu. Xumura irratti mariisisuun ibsa irratti kenni.

Keessa deebii barannoo

Guduunfaa barannoo kennuu, gaaffilee afaaniifi gochaalee barattootaa hordofuu, battalleenis gocha barannoo kanaaf barbaachisaadha. Gaaffileen madaallii kun hangam kaayyoon barannoo kanaa galma akka ga'e beekuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaa irratti barattootni kee hangam yaad-rimee barannoo kanaa akka hubatan beekuuf gaaffii gaafadhu, dhuunfaan ta'anii akka hojjetaniif gaaffilee shaakalaa kenniif.

Barannoo 6: Tarsiimoowwan Gadi Fageenyaan Yaaduu Barattoota Keessatti Gabbisan

Xumura barannoo kanaatti barattootni:

- Tarsiimoowwan gadi fageenyaan yaaduu barattoota keessatti gabbisan ni tarreessu.
- Tarsiimoowwan gadi fageenyaan yaaduu barattoota keessatti gabbisan ni ibsu.

Ibsa gabaabaa barannoo

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiiwwan.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, Hoggantoota hawaasaa affeeruu, shaakala dhuunfaa, marii garee.	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee waa’ee Tarsiimoowwan gadi fageenyaan yaaduu barattoota keessatti gabbisan irratti barraa’an. http://www.freeinquiry.com/critical-thinking.html

Barannoo kana keessatti barattootni tooftaalee gadi fageenyaan yaaduu gabbifachuuf isaan gargaaran ni baratu. Gadi fageenyaan yaaduun muuxannoo baratamuu qabudha. Namootni baay’een waa’ee gadi fageenyaan yaaduu hin baratan. Kanneen armaan gadii tarsiimoowwan gadi fageessanii yaaduu barattootaa keessatti gabbisanidha. Isaanis: mala yaalii, yeroo hunda barataa ta’uu, hudhaalee jiran hubachuu, sammuu keessatti fakkii uumuu, wixinee uumuu,akkeessuu (manipulative), yaada hin baratamneef xiyyeeffannoo kennuu, odeeffannoo gar-malee maqsuufi furmaatilee dhiyaatan adda baasuu fa’a. Kunis barattootni dandeettii gadi fageessanii yaaduu akka gabbifatan isaan gargaara.

Gaaffii xiinxala barannoo

- ⇒ Tooftaa barattoota keessatti dandeettii gadi fageenyaan yaaduu gabbisuu danda’an jettee fayyadamtu himuu dandeessaa?

Gocha

⇒ Barattoota miseensa garee nama jaha qabu ijaaruun tarsiimoo gadi fageenyaan isaanii gabbisuu danda'an akka itti yaadan godhi. Argannoo isaanii karaa bakka bu'aa isaanii akka dhiyeessan taasisi. Tarsiimoowwan muraansis: mala yaalii, yeroo hunda barataa ta'uu, hudhaalee jiran hubachuu, sammuu keessatti fakkii uumuu, wixinee uumuu, akkeessuu (manipulative), yaada hin baratamneef xiyyeeffannoo kennuu, odeeffannoo gar-malee maqsuufi furmaatilee dhiyaatan adda baasuu fa'a.

Gocha barannoo

Mata-duree banannoo gabatee gurraacha irratti barreessuun, barattootnis akka barreeffatan taasisi. Hubannoo waa'ee adeemsa amaloota gadi fageessanii yaaduufi rakkoo furuu barattootnihee akka qabaatan gochuun murteessaadha. Gaaffilee barbaachisoo gaafadhu. Xumura irratti mariisisuun ibsa irratti kenni.

Keessa deebii barannoo

Guduunfaa barannoo kennuu, gaaffilee afaaniifi gochaalee barattootaa hordofuu, battalleenis gocha barannoo kanaaf barbaachisaadha. Gaaffileen madaallii kun hangam kaayyoon barannoo kanaa galma akka ga'e beekuuf sigargaara. Xumura barannoo kanaa irratti barattootnihee hangam yaad-rimee barannoo kanaa akka hubatan beekuuf gaaffii gaafadhu, dhuunfaan ta'anii akka hojjetaniif gaaffilee shaakalaa kenniif.

Barannoo 7: Barbaachisummaa Rakkoo Furuu Keessatti Gadi Fageenyaan Yaaduu

Xumura barannoo kanaatti barattootni:-

- Barbaachisummaa rakkoo furuu keessatti gadi fageenyaan yaaduu adda ni baasu.
- Barbaachisummaa rakkoo furuu keessatti gadi fageenyaan yaaduu ni tarreessu.
- Barbaachisummaa rakkoo furuu keessatti gadi fageenyaan yaaduu ni dinqisiifaatu

Meeshaalee deggarsa barnootaa	Mala baruu barsiisuu	Kitaabilee wabii
Gabatee gurraacha, boronqii, kitaaba barataa, qalama qubeessaa, fakkiiwwan, gabatee.	Gaaffilee xiinxala barannoo gaafachuu, seensa, ibsa, Hoggantoota hawaasaa affeeruu, shaakala dhuunfaa, marii garee.	- Kitaabilee, Maxxansaaleefi barruulee waa’ee Tarsiimoowwan gadi fageenyaan yaaduu barattoota keessatti gabbisan irratti barraa’an. http://www.freeinquiry.com/critical-thinking.html

Ibsa gabaabaa barannoo

Barannoo kana keessatti barattootni barbaachisummaa rakkoo furuu keessatti gadi fageenyaan yaaduu ni baratu. Dhimma dhuunfaafi hawaasaa irratti murtoo kennuuf gadi fageenyaan yaaduun barbaachisaadha. Kunis kan nutti agarsiisu sammuu keenyatti fayyadamuufi dandeettii sababaan hogganamuuti. Sababni miira dursuufi irra aanuu qaba. Odeeffannoo qabaachuun qofti gadi fageenyaan yaaduu nu hin gonfachiisu. Ilaalcha sobaafi seenessi ragaa qabatama of keessaa hin qaban. Namootni gadi fageenyaan yaadan ejjannoo dhuunfaa isaanii kan calaqqisiisan osoo hin taane ragaa dhiyaatu wajjiin kan tarkaanfatanidha

Gaaffii xiinxala barannoo

- ⇒ Barbaachisummaa rakkoo furuu keessatti dandeettii gadi fageenyaan yaaduu fayyadamte himuu dandeessaa?

Gocha barannoo

Haala salphaan barannoo kana barsiisuuf, gaaffilee barbaachisoo ta'an barattootakee gaafadhu. Kanaafis, beekumsa dandeettii rakkoo furuu keessatti gadi fageenyaan yaaduu akka horatan gochuun barbaachisaadha. Mata-duree barannoo kanaa gabatee gurraacha irratti barreessuun barattootnis akka barreeffatan qajeelchi. Dhuma irratti mariisisuun ibsa irratti kenni.

Deebii gaaffilee shaakala boqonnaa

lakk	Dhugaa/soba		Filannoo			Firoomsuu			
1	Dhugaa	1	D	4	E	1	E	4	B
2	Dhugaa	2	A	5	E	2	C	5	A
3	Dhugaa	3	B			3	D		

Deebii gabaabaa

- Gadi fageessanii yaaduu jechuun maali?
 - Dandeettii ragaa qabatamaa irratti hundaa'uun murtii sababawaa murteessuuti. Gadi fageessanii yaaduun akka nuti gadi fageessinee yaaduun murtii sirrii murteessinuuf nu gargaara. Dhimma dhuunfaafi hawaasaa irratti murtoo kennuuf gadi fageessanii yaaduun barbaachisaadha. Kunis kan nutti agarsiisu sammuu keenyatti fayyadamuufi dandeettii sababaan hogganamuuti.
- Gadi fageenyaan yaaduun murtoo laachuuf hammam nugargaara?
 - Osoo murtoo hin fudhatin dura sirriitti gadi fageenyaan yaaduun baay'ee murteessaadha.
- Gadi fageenyaan yaaduun murtoo laachuuf jireenya nama dhuunfaafi hawaasaaf hammam nu gargaara?
 - Dhimma keenya akkafeettedhaan murteessuu hin qabnu. Bu'aa murtii kenninuu adda baafnee beekuun murteessuu qabna. Yoo kana ta'e jireenya dhuunfaa keenyaafi hawaasaaf bu'aa buusuu danda'a.

Caasaa Sanada Silaabasii Kanaa

Silaabasii jechuun sagantaa adeemsa qo'annoof ykn barnoota baratamuuf wixineeffamudha. Kunis tokkoon tokkoo boqonnaa ykn mata duree baratamuu qabu kan of keessatti qabatudha. Silaabasiin bu'aa barnoota irraa eegamu, ga'umsa barannoo yoo xinnaate bira ga'amuu qabu (MLCs), qabiyyee, gochoota barannoofi madaalloi tokkoon tokkoo boqonnaa ykn dhimmaa ijoo kutaa sana of keessaa qaba.

Bu'aawwan Barannoo

Silaabasiin bu'aa barannoo tokkoon tokkoo boqonnaa sana irraa egaamuun eegala. Bu'aan barannoo galma ga'umsa barannoo yoo xinnaate ykn qooda ga'umsa ijoo barattoota sadarkaa kutaa hunda irraa eegamu mirkaneessuu qofa irratti kan daangeffame miti. Haaluma kanaan ga'umsi jaarraa 21ffaa kanneen armaan gadiiti:

- Beekumsa argachuuf barachuu
- Rakkoo furuufi gad fageenyaan yaaduu,
- Yaada kalaqaafi argannoo,
- Wal quunnamtii,
- Waliin hojjechuu,
- Hoogansaafi murtee kennuu,
- Beekumsa dijiitaalaa,
- Eenyummaa aadaafi lammummaa waliigalaa fa'a.

Qabiyyeefi Ga'umsa Barachuu Barattootaa

Ga'umsi barachuu kan nutti agarsiisu ga'umsa barannoo barataan tokko dirqama barachuufi waan barate hojii irra oolchuun sadarkaa sanatti barnoota kennamu gama beekumsaan, dandeettiifi ilaalchaan ga'umsa

gonfachuu qabudha. Sadarkaan kutaafi ga'umsi barnoota tokkoo addaatti beekuun kan of keessaati qabatu barataa sana irraa huubannoo cululuqaa eegamu, rawwii, dandeettii qabaachuu isaafi madaalliif ka'umsa ta'uu fa'adha. Amalootni bu'uura ga'umsa baraonoo yoo xinnaate kanneen akka dandeettii raawwachuu, walquunnamtii, barnoota itti fufiinsa qabuufi wixinee madaallii fa'adha. Haaluma kanaan sanada kana keessatti ga'umsi barachuu isa xiqqaafi yaa'a qabiyyee barnoota sadarka kanaaf qophaa'e (sadarka tokkoffaa, giddugaleessaafi lammaffaa)tti hiramun qophaa'ee jira.

Hiikoo jechootaa

Hiikoon; jechoota dhuma sanadaa irratti jechoota ijoo ta'an kanneen wixinee sirna barnootaa wajjin walqabatanidha. Hiikoon hiika jechoota barnoota tokko qofa hin ibsan.

Seensa Silabasi

Meeshaaleen sirna barnootaa kun kan qophaa'e ogeessota bakka bu'oota yuniversitywwan giddugala ga'umsa ta'aniifi walta'iinsa ministeera barnootaan yoo ta'u addatti immoo qindoomina yuuniversity Bahirdaariin ture. Haaluma kanaan, barnootni safuu (1- 6)fi barnootni Lammummaa (7-10) jiran hunduu sirna barnoota biyyoolessaa waliigalaa wajjin kan walsimuufi qaama isaa kan ta'edha. Akkasumas, bu'aa dadhabbi ogeessota armaan olitti eeramaniiti. Meeshaaleen sirna barnoota kanaaf wixineeffaman kanneen akka yaa'a qabiyyee, ga'umsa barachuu isa xiqqaafi silabasiin qaamota alaa kan ta'an kanneen akka dhaabbata madaallii

Kambirijiifi qaamota keessoo kan ta'an ogeessotaan akka madaalamu taasifameera. Sana booda, sanadicha gabbisuuf qeeqniifi yaadni akka itti kennamu gochuun gulaalliin erga taasifamee booda gara hojiitti akka seenu kan ta'edha. Dabalaatanis yaadniifi qeeqni qamoole armaan olitti eeraman irraa kenname akka galteetti fudhatamuun sanada qophaa'e irratti sirreefamni waaraa akka ta'u taasifameera. Akkasumas, sanadichi dhugummaan isaa erga mirkana'ee booda hojii irra oolmadhaaf ga'eera. Erga dhugummaan isaa mirkana'ee booda, yaadotni laatamanii, qeeqni kennameefi gaaffilee ka'aniif xiyyeeffannoon kennamuun akka qaama sanada kanaa ta'an gochuun akka sirriitti gabbifamu taasifameera. Dhuma irratti sanadni hojii irra oolmaadhaf Ministeera barnootaaf kennameera. Jalqaba irratti, gareen kun sanadaafi muuxannoo leenjii dhaabbatni Biritish Kaawunsilii walta'iinsa Ministeera barnootaa wajjin ta'uun laatan fudhachuun, sirna barnootaa haaraa biyyoolessaa sona idil addunyaa irratti hundaa'uun qopheessaniiru.

Sanadotni bu'uura kunneenis;

- Waraqaa ibsa ejjannoo ministeerri barnootaa jalqaba bara kanaa qopheesse.
- Dagaagina imaammata sirna barnootaa haaraa Itoophiyaa (Ethiopian education development roadmap).
- Hammattoo sirna barnoota waliigala biyyoleessaa
- Sirna barnoota lammummaa duraan ture.
- Qo'annoowwan qaamolee garaagaraan qo'ataman fakkeenyaaf; Kaambirijiifi kanneen biroo.
- Muuxxannoowwan biyyoota adda addaa.

Gareen kun moggaasaafi caasaa barnoota kanaa haala haaraan akka caaseffamu godheera. Haaluma kanaan, barnoota safuu (1-6) barnoota lammummaa (7-10)tti hiruun qopheeseera. Akkasumas, sababoota sirna haaraa bocuu, hanqinoota sirna barnoota duraan ture fooyyessuu fakkeenyaaf xiyyeeffannoon barnoota safuufi duudhaa hawaasaatiif kennamuu dhabuu, irra deddeebii qabiyyeeffii hudhaalee turan

guutuufidha. Akkasumas, sirni barnoota lammummaa duraanii barattootaaf hubannoo kenna malee beekumsaafi ilaalcha barattootaaf xiyyeffannoo kan kennu hin turre. Kanaaf, sirni barnoota haaraa kun qabiyyee fooyyesuufi jijjiiruun haala haaran wixineffameera. Kunis akka Waliigalaatti, sirni barnootaa akka fooyya'uufi keessumaa immoo barnootni lammummaa akka sirratuuf faayidaa ol'aanaa qaba jedhamee abdatama.

Kanaafis, silabasiin kun bu'aa barnooticha irraa eegamu, qabiyyeewwan, haala baruu barsiisuufi tooftaa madaallii barnoota safuufi lammummaa sadarkaa 1ffaafi 2ffaa of keessaa kan qabuufi ibsudha. Sababa kanaaf, barnootni safuu akka wixinee haaraatti dameewwaan barnota safuufi amala gaarummaa irratti bu'uureffamuun kan qopha'edha. Dabalataanis, sirna barnoota biroo waliin dhimmoota ijoo ta'an irratti hariiroofi walquunnamtii dalgees ta'e gadee kan qabudha. Safuufi amala gaarummaa dagaagsuun dhimma barnoota biroo keessati kennamuun kan dagaagu qofa osoo hin taane haala hawaasummaa fi maatii, manneen barnootaafi hawaasa kanneen maatiifi barsiisotni hojii irra olchuuf gahee ol'aanaa qaban irratti hunda'a. Kana jechuun safuu gabbisuuf ykn dagaagsuuf tokkoon tokkoo qaamolee armaan olitti eeraman gahee ol'aanaa taphatu jechuudha. Kanaafis hojii irra olmaan isaa qaamolee kanneen irratti hunda'a. Barnootni safuu giddugala ga'umsa waliigala jaarraa 21ffaafi bu'aa baranno barattoota kan calaqqisiisudha.

Xiyyeffannoon isaas dhimmoota ijoo safuu ta'an walitti hidhuun, ga'umsa hawaasummaa mirkaneessuudha. Kunis, Miira ofii to'achuu, gadi fageenyaan yaaduu, muuxannoo jireenyaa, dandeettii heddummina aadaa hubachu, beekumsa lammummaa fi hubannoo addunyaalessaa gonfachiisuuf barnootni kun kan laatamudha.

Barnootni safuu utubaa dameewwaan baruufi barsiisuu afran kan of keessatti hammatedha. Isaanis, amala gaarummaafi safuu, namoota dhuunfaafi hawaasa, qo'annoo lammummaafi qo'annoo aadaati. Sagantaan barnoota safuu kun qabiyyee barnoota kennamu walitti makuun dhimmootni ijoo waa'ee safuufi lammummaa daran akka abuuramu kan godhudha.

Kaayyoon silabasii barnoota safuufi lammummaa inni ijoon sona tuuta aadaa kan biyyoolessaafi idil addunyaa barattoota keessatti uumuun akka sonawwan kanneen jireenya guyyuu keessatti calaqqisiisan gochuu kan jajjabeessudha. Kunis, barattootni akka namoota biroofi aadaawwaan garaagaraa wajjiin hariiroo qajeeloofi hawaasummaa cimaa akka qabaatan kan taasisudha. Bu'uuruma kanaan qabiyyeen barnoota safuufi lammummaa sirna barnoota duraan tureefi meeshaalee armaan olitti eeraman irraa kan maddeedha. Kanaaf haalli galumsa qabiyyee kutaa hunda keessatti kan qindaa'e gabatee armaan gadii irratti waa'ee yaa'iinsa qabiyyee (content flow chart)fi ga'umsa barachuu isa xiqqaa (MLCs) kan of keessaa qabudha.

Mul'ataafi Sona

Mul'ata sirna barnoota waliigala Itoophiyaa kan ta'an keessaa muraasni:

- Lammiilee ga'umsa hunda galeessa qaban oomishuu.
- Soona amala gaarumma lafa qabsiisuu.
- Barnootni jireenya umurii guutuu akka ta'u gochuufi lammiilee fedha qaban horachuu.
- Lammiilee itti gaafatamummaa sirnan bahan horachuu.
- Lammilee sadarkaa naannoofi aduunyaatti dorgomoo ta'an oomishuu.
- Dandeettiiwwan jaarraa 21ffaa lafa qabsiisuu.
- Lammiilee dinagdee teeknoolojin durfamu irratti bobba'an horachuu.

- Hawaasa dimookiraatawaa ta'e oomishuufi kkf.

Sona jechuun: Kutaa jireenyaa ta'ee wantoota namootni dhuunfaafi hawaasni barbaachisaadha jechuun hiikaafi kabaja (xiyyeeffannoo) kennanifidha. Sirni barnootaa kunis, duudhaawwan ykn sonawwan sadarkaa adunyaatti jiran madaqsuun ulaagaa ittiin dagaagsinu kan ibsudha.

Barnoota Lammummaa Barsiisuu

Barsiisotni sirna barnoota waliigala Itoophiyaa barsiisan xiyyeeffannoo dagaagina barnoota dhuunfaatiif kennuu qabu. Akkasumas ilaalcha diimokiraatawaa mana barumsaafi daree barnootaa keessatti gabbisuun barnoota siya'inaan kennuu qabu.

Bu'uuruma kanaan sirna barnoota waliigala Itoophiyaa barsiisuuf:

- Barattoota gara fedhii barnoota daran cimaa ta'eetti kakaasuun akka cichoominaan qo'atan gochuun kanneen amala hin ajajamne qaban akka hin jiraanne gochuu.
- Barattoota hunda barnoota iratti murtii akka qabaatan carraa kennuufi muuxannoo qaban akka wal jijjiiran gochuun hojii irra oolchuu.
- Barattootni hundi akka barnoota baratan qofa osoo hin taane akka walii isaaniis barsiisan gochuu.
- Barattootaaf carraa walqixa, hunda hirmaachisaa gochuun muuxannoo barnootaa akka waliif hiran taasisuu.

- Ga’umsaafi dandeettii qaban akka bakkeetti baasan gochuun beekumsa, ilaalchaafi muuxannoo isaanii akka gabbifataniif gargaarsa kennuu.
- Sadarkaa barsiisuu, mala baruu barsiisuufi tooftaa madaallii raawwii barattootaa madaqsuun haala mijataa uumuu.
- Hariiroo gaarii barsiisaafi barataa gidduutti uumuun faayidaa waloof oolchuu.
- Barattootni akka beekumsa duraan qaban yaadatan gochuun beekumsa kana kalaqa haaraaf akka oolchan jajjabeessuu.
- Barattoota hawaasa Itoophiyaa xiqqittii bakka bu’an daree keessatti uumuun hariiroo ho’aa, naga-qabeessaafi of eeggannoo qabu uumuun akka barattootni bilisummaadhaan sammuu isaaniitti haasa’an, akka abaabootti miidhaguun wajjin kan guddataniifi kanneen amala diimokiratawaan irraa calaqqisu oomishuu.

Ga'umsa Barachuu barattootaa Barnoota Lammummaa Kutaa 8ffaa**1. Amala gaarummaa**

- 1.1. Yaadrimee amala gaarummaa ni hubatu.
- 1.2. Amalootaafi qajeelfamoota amala gaarummaa ni ibsu.
- 1.3. Barbaachisummaa amala gaarummaa ni hubatu.
- 1.4. Amala gaarummaa jiruuf jireenya guyyaa keessatti ni agarsiisu.

2. Mootummaafi bulchiinsa

- 2.1. Caasaalee mootummaa garaagaaraa beeku.
- 2.2. Sirna bulchiinsa garaagaara ni tarreessu.
- 2.3. Hariiroofi garaagarummaa mootummaafi bulchiinsaa walbira qabuun adda ni baafatu.
- 2.4. Akaakuuwwan bulchiinsa mootummoota itoophiyaa ni madaalu.

3. Diimokiraasii

- 3.1. Qajeelfamootaafi sonawwan bu’uura diimokiraasii ni hubatu.
- 3.2. Barbaachisummaa sonawwaniifi jarmiyaalee diimokiraasii xabboof gatii ni laatu.
- 3.3. Hudhaaleefi carraalee ijaarsa diimokiraasii itoophiyaa adda ni baafatu.

4. Heeraan buluu

- 4.1. Hiikoo heeraafi heeraan buluu ni hubatu
- 4.2. Kaayyoo heeraafi heeraan buluu ni mirkaaneessu
- 4.3. Qoqqooddaa heeraa garaagaraa walbira qabuun ni madaalu.
- 4.4. Gahee heeraan buluun nageenyaafi tasgabbii keessatti qabu gatii ni kennu.

5. Mirgoota namummaa

- 5.1. Qoqqooddaa mirgoota namummaa garaagaraa ni hubatu
- 5.2. Mirga walqixxummaa ni dinqisiifatu.
- 5.3. Mirga namummaa heera mootummoota naannolee itoophiyaa keessatti caqasaman ni tarreessu.
- 5.4. Hudhaalee kabajamuu mirgoota namummaa itoophiyaa keessatti ni madaalu.

6. Waldhabdee furuufi nageenya mirkaneessuu

- 6.1. Yaadrimee waldhabdeefi nageenyaa ni beeku.
- 6.2. Barbaachisummaa nageenya mirkaneessuuf gatii ni kennu.
- 6.3. Maddoota waldhabdee ni tarreessu.

6.4. Tooftaalee waldhabdee furuu in ibsu.

6.5. Jarmiyaalee xabboo hawaasaa waldhabdee furuuf gargaaran ni madaalu.

6.6. Dandeettii waldhabdee furuu ni eeru.

7. Gadi Fageenyaan Yaaduufi Dandeettii Rakkoo Furuu

7.1. Hiikkoo rakkoo furuu ni hubatu.

7.2. Barbaachisummaa rakkoo furuu keessatti gadi fageenyaan yaaduu ni gabbifatu.

7.3. Adeemsa murtii kennuu keessatti gulantaalee gadi fageenyaan yaaduu ni tarreessu.

7.4. Tarsiimoo gadi fageenyaan yaaduu barattoota keessatti uumu ni ibsu.

7.5. Dandeettiifi amaloota gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu ni eeru.

SILABASII BARNOOTA LAMMUMMAA (SYLLABUS) KUTAA 8^{ffaa}

BOQONNAA TOKKO:

AMALA GAARUMMAA (wayitii 18)

Xumura boqonnaa kanaa booda barattootni:

- Yaad-rimeewwan amala gaarummaa ni hubatu.
- Amalootaafi qajeelfamoota amala gaarummaatiif gatii ni kennu.
- Barbaachisummaa amala gaarummaa ni beeku.
- Amala gaarummaa jiruuf jireenya guyyaa keessatti ni xiinxalu.

Ga'umsawwan	Qabiyyeewwan	Gochaalee barannoo	Tooftaalee Madaallii
• Yaad-rimee amala gaarummaa ni ibsu. • Naamusniifi amalli gaarummaa maal akka ta'e ni ibsu. • Amala gaarummaa daba (hammeenya) irraa adda ni baasu. • Naamusni maal akka ta'e ni ibsu. • Hariiroo naamusaafi amala gaarummaa ni addeessu. • Waa'ee safuu gaarii ni ibsu. • Amanamummaan maal akka ta'e ni himu.	1.1. Yaad-rimee Amala Gaarummaa (wayitii 2) 1.1.1. Naamusaafi Amala Gaarummaa 1.2. Amalootaafi Qajeelfamoota Amala Gaarummaa (wayitii 11) 1.2.1. Amanamummaa 1.2.2. Gootummaa 1.2.3. Gara-laafina 1.2.4. Arjummaa 1.2.5. Haqummaa	• Barattootni Naamusniifi amalli gaarummaan maal akka ta'e gaafadhu. • Barattootni barbaachisummaa amala gaarummaa irratti gareen irratti akka mari'atan taasisuu • Qajeelfamoota amala gaarummaa irratti barattootni caayaa qo'achuu, ga'ee taphachuun akka qooda fudhatan taasisi.	• Barattootni waa'ee amala gaarummaa irratti yaada akka kennan gaafadhu. • Mariifi gocha daree hordofuun gocha barattootaa galmeessi. • Haala kamiin tokkoon tokkoo barataa caayaa qo'achuufi ga'ee taphachuun irratti akka hirmaatu madaaluun duub-deebii kenni.

• Barbaachisummaa amanamummaa ni tarreessu. • Hiriyyoota, barsiisotaafi namoota biroof ni amanamu. • Amalootaafi Qajeelfamoota Amala Gaarummaa ni ibsu. • Barbaachisummaa amala gaarummaa adda ni baafatu. • Barbaachisummaa amala gaarummaa ni ibsu. • Barbaachisummaa amalli gaarummaan nama dhuunfaafis ta'e hawaasaaf qabu ni dinqisiifatu	1.2.6. Naamusa Dhuunfaa Qabaachuu 1.2.7. Of eeggannoo 1.2.8. Amaloota Lammii Gaarii 1.3. Barbaachisummaa Amala Gaarummaa (wayitii 1) 1.4. Amala Gaarummaa Jiruuf Jireenya Guyyaa Keessatti (wayitii 4)	• Taateewwan amala gaarummaa jireenya guyyuu isaanii keessatti calaqqisiisuu akka danda'an akka shaakalan taasisi. • Guduunfaa gabaabaa barnnoowwan boqonnaa hunda irratti kenniif.	• Gaaffilee shaakalaa kenname hordofuun yaada itti kenni. • Sadarkaa barattootni taateewwan kennaman irratti agarsiisan daawwachuun gochaalee isaanii galmeessaa deemi
---	---	--	---

BOQANNAA LAMA:**BIYYAAFI MOOTUMMAA (wayitii 16)****Xumura Barnoota Boqonnaa kanaa booda barattootni:**

- Caasaalee mootummaa ni hubatu.
- Sirna Mootummaa garagaraa ni beeku.
- Hariiroofi garaagarummaa biyyaafi mootummaa ni dhugoomfatu.
- Akaakuuwwan mootummaa Itoophiyaa ni madaalu
- Ciminaafi Hanqinoota sirna mootumma Itoophiyaa ni mari'atu.

Ga'umsawwan	Qabiyyeewwan	Gochaalee barannoo	Tooftaalee madaallii
• Caasaalee mootummaa adda addaa ni ibsu. • Amaloota caasaa mootummaa tokkummaawaa ni tarreessu. • Faayidaafi Hanqinoota caasaa mootummaa tokkummaawaa adda ni baafatu. • Caasaa mootummaa Federaalawaa ni ibsu. • Amaloota caasaa mootummaa Federaalawaa ni tarreessu. • Faayidaafi hanqinoota caasaa mootummaa Federaalawaa adda ni baafatu. • Caasaa mootummaa Konfederaalawaa ni ibsu. • Amaloota mootummaa Konfederaalawaa ni tarreessu. • Sirna mootummaa jechuun maal akka ta'e ni himu. • Sirnoota mootummaa adda ni baafatu. • Sirna mootummaa Paarlaamawaa ni ibsu.	2.1. Caasaalee Mootummaa (wayitii 6) 2.1.1. Caasaa Mootummaa Tokkummaawaa 2.1.1.1. Hikkoo Mootummaa Tokkummaawaa 2.1.1.2. Fayidaafi Hanqina Caasaa Mootummaa Tokkummaawaa 2.1.2. Caasaa Mootummaa Federaalawaa 2.1.2.1. Faayidaa Caasaa Mootummaa Federaalawaa	• Barattootni yaad-rimee biyyaafi mootummaa akka ibsan gaaffii gaafadhu. • Caasaalee mootummaa irratti akka mari'atan taasisi. • Gareen qoodamuun akaakulee mootummaa irratti marii taasisuun dareef calaqqee akka dhiyeessan godhi.	• Gaaffilee gaafadhu. • Gareen ta'uun yommuu barattootni waan kennameef irratti mari'atan daawwii adeemsisi. • Hanqinoota mul'atan

• Amaloota sirna bulchiinsa Paarlaamawaa ni tarreessu. • Faayidaafi hanqina sirna bulchiinsa Paarlaamawaa adda ni baafatu. • Sirna Peresdaantawaa ni ibsu. • Amaloota Sirna bulchiinsa Peresdaantawaa ni tarreessu. • Hariiroo biyyaafi mootummaa ni himu. • Garaagarummaa biyyaafi mootummaa ni ibsu. • Akaakuwwan mootummaa Itoophiyaa tarreessi. • Garaagarummaa akaakuwwan mootummaa Itoophiyaa waliin madaali. • Ciminootaaf hanqinoota akaakuwwan Bulchiisa Itoophiyaa ni tarreessu.	2.1.3. Mootummaa Konfederaalawaa 2.2. Sirna Mootummaa (wayitii 4) 2.2.1. Sirna Paarlaamawaa 2.2.2. Sirna Peresdaantawaa 2.3. Hariiroofi Garaagarummaa biyyaafi Mootummaa (wayitii 2) 2.4. Akaakuwwan (gosoota) mootummaa Itoophiyaa (wayitii 4) 2.4.1. Ciminootaafi Hanqinoota Sirnoota mootummaa Itoophiyaa Garaagaraa	• Garee hundeessuun qorannoo xiqqoo ciminootaafi hanqinoota mootummaa Itoophiyaa irratti geggeessuun dareef argannoo isaanii akka dhiyeessan taasisi. • Guduunfaa gabaabaa boqonnaa hunda irratti kenni.	• Gaaffilee gaafadhu. • Gareen ta'uun yommuu barattootni waan kennameef irratti mari'atan daawwii adeemsisi. • Hanqinoota mul'atan irratti duub-deebii ijaaraa kenniif. • Qorannoo isaan adeemsisan madaaluun dhiyeessa isaanii irratti calaqqee kenni.
--	--	---	--

BOQONNAA SADII:**DIIMOKIRAASII (wayitii 16)****Xumura Barannoo kanaa Barattootni:**

- Yaad-rimee diimokiraasii ni hubatu.
- Sonawwaniifi qajeelfamoota bu’uuraa diimokiraasii ni beeku.
- Hawaasa isaanii keessatti sonawwaniifi jarmiyaalee diimokiraasii xabboo ni xiinxalu.
- Hudhaaleefi carraawwan diimokiraasii Itoophiyaa ni qoratu.

Ga'umsawwan	Qabiyyeewwn	Gochaalee barannoo	Tooftaalee madaallii
- Akaakuuwwan mirgoota namummaa ni hubatu. - Mirgoota walqixxummaa ni beeku - Mirgoota namummaa heerota naannolee keessatti caqasaman ni madaalu. - Hudhaalee mirgoota namummaa Itoophiyaa ni xiinxalu. ni shaakalu. - Sonawwan diimokiraasii adda ni baasu. - Sonawwan diimokiraasii ni dinqisiifatu - Sonawwaniifi Jarmiyaalee Diimokiraasii Xabboo hawaasa isaanii ni tarreessu. - Sonawwaniifi Jarmiyaalee Diimokiraasii Xabboo hawaasa isaanii ni ibsu. - Sonawwaniifi Jarmiyaalee Diimokiraasii Xabboo hawaasa isaanii ni dinqisiifatu. - Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa in tarreessu. - Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa ibsu. - Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa ni himu	1.1. Yaad-rimee Diimokiraasii (wayitii 1) 1.2. Qajeelfamoota Bu'uura Sirna Diimokiraasii (wayitii 7) 1.3. Sonawwan Diimokiraasii (wayitii 3) 1.4. Barbaachisummaa Sonawwaniifi Jarmiyaalee Diimokiraasii Xabboo (wayitii 2) 1.5. Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa (wayitii 3)	- Barattootni yaad-rimee diimokiraasii akka ibsaniif gaafadhu. - Barattootni sonawwan diimokiraasii akka barreessan taasisi. - Gareen ta'anii qajeelfamoota bu'uura diimokiraasii irratti mari'achuun daree keessatti akka dhiyeessan affeeri. - Barbaachisummaa sonawwaniifi Jarmiyaalee diimokiraasii xabboo irratti barattootni akka mari'atan taasisi. - Hudhaaleefi Carraalee Diimokiraasii Itoophiyaa irratti mari'achuun akka isaan tarreessaniif jajjabeessi. - Guduunfaa gabaabaa barnnoowwan boqonnaa hunda irratti kenni.	- Gaaffilee gaafadhu - Barattootni waan barreessan irratti yaada akka kennan taasisi. - Hojiilee barattootni hojjetan samuda fudhachuun hordofi. - Barattootni yommuu isaan hojii garee keessatti qooda fudhatan hordofuun raawwii isaanii galmeessi. - Haala barachuu barattootaa fooyyessuuf duub-deebii ifa ta'e kenniif. - Calaaqqee barattootaa hordofuun duub-deebii ijaaraa ta'e kenniif.

BOQONNAA AFUR:**HEERAAN BULUU (wayitii 16)****Xumura boqonnaa kanaatti barattootni:**

- Yaad-rimee heeraafi heeraan buluu ni hubatu.
- Barbaachisummaa heeraa ni hubatu.
- Faayidaa heeraan buluu ni xiinxalu.
- Qoqqooddaa heeraa ni beeku.
- Ga'ee heeraan buluun nageenyaafi tasgabbii keessatti qabu ni hubatu.

Ga'umsawwan	Qabiyyeewwan	Gochaalee barannoo	Tooftaalee madaallii
• Maalummaa heeraa ni ibsu. • Qajeelfamaafi dambii ittiin bulmaata daree ni baafatu. • Heeraan buluun maal akka ta'e ni ibsu. • Garaagarummaafi hariiroo heeraafi heeraan buluu ni himu • Barbaachisummaa heeraa adda ni baafatu. • Barbaachisummaa heeraa ni tarreessu. • Faayidaa heeraan buluu ni ibsu. • Faayidaa heeraan buluu ni dinqisiifatu. • Akaakuuwwan heeraa adda ni baasu. • Qoqqooddaa heeraa ni dinqisiifatu. • Heera barreeffamaafi kan hin barroofne ni ibsu. • Heera salphaatti fooyya'uufi hin fooyyofne adda ni baasu. • Heera hojiirra ooluufi hojiirra hin oolle ni himu. • Heera Federaalawaafi Tokkummaawaa ni addeessu. • Adeemsa heerri ittiin fooyya'u ni ibsu. • Ga'ee heeraan buluun nageenyaafi tasgabbii keessatti qabu ni ibsu. • Ga'ee heeraan buluun nageenyaafi tasgabbii keessatti qabu ni dinqisiifatu.	4.1. Maalummaa Heeraafi Heeraan buluu (wayitii 2) 4.2. Barbaachisummaa Heeraa (wayitii 2) 4.3. Faayidaa Heeraan Buluu (wayitii 3) 4.4. Qoqqooddaa Heeraa (wayitii 6) 4.4.1. Heera Barreeffamaafi Heera Hin Barroofne 4.4.2. Heera Salphaatti Fooyya'uufi Heera Salphaatti hin Fooyyofne (Flexible and Rigid Constitution) 4.4.3. Heera Hojiirra Ooluufi Heera Hojiirra hin Oolle 4.4.4. Heera Federaalawaafi Heera Tokkummaawaa 4.5. Gahee Heeraan Buluun Nageenyaafi Tasgabbii Keessatti Qabu (wayitii 3)	• Gaaffii xiinxala barannoo duraan waa'ee heeraafi heeraan buluu gaafadhu. • Barattootni lama lamaan ta'uun irratti mari'atanii qoqqooddaa heeraa akka barreessan jajjabeessi • Barattootni barbaachisummaa heeraa hanga danda'an akka tarreessaniif gaafadhu. • Faayidaa heeraan buluu irratti akka mari'atan taasisi. • Abbaltii gahee Heeraan Buluun nageenyaafi tasgabbii keessatti qabu kennuufiin dareef calaqqee akka dhiyeessan affeeri. • Guduunfaa gabaabaa barnnoowwan boqonnaa hunda irratti kenni.	• Gaaffilee gaafataman irratti barattootni yaada akka kennan taasisi. • Waan barataniifi barreessan akka yaadataniif barattoota gaafadhu. • Abbaltii hordofuun duub-deebii kenniif. • Calaqqee barattootaa hordofuun duub-deebii ijaaraa ta'e kenniif. • Hojii garee barattootaaf kennite hordofuun duub-deebii kenniif.

BOQONNAA SHAN:**MIRGOOTA NAMUMMAA (wayitii 16)****Xumura boqonnaa kanaatti barattootni:**

- Akaakuuwwan mirgoota namummaa ni hubatu.
- Mirgoota walqixxummaa ni beeku
- Mirgoota namummaa heerota naannolee keessatti caqasaman ni madaalu.
- Hudhaalee mirgoota namummaa Itoophiyaa ni xiinxalu.

Ga'umsawwan	Qabiyyeewwan	Gochaalee barannoo	Toofaalee Madaallii
• Akaakuuwwan mirgoota namummaa ni tarreessu. • Akaakuuwwan mirgoota namummaa ni ibsu. • Akaakuuwwan mirgoota namummaa ijoo ta'an adda ni baafatu. • Mirga walqixxummaa ni ibsu. • Mirga walqixxummaa ni dinqisiifatu. • Mirgoota namummaa heera mootummoota naannolee keessatti caqasaman ni ibsu. • Mirgoota namummaa heera mootummoota naannolee keessatti caqasaman ni tarreessu. • Mirgoota namummaa heera mootummoota naannolee keessatti caqasaman ni madaalu	5.1. Akaakuuwwan Mirgoota Namummaa (wayitii 3) 5.1.1. Mirgoota walqixxummaa (wayitii 2) 5.2. Mirgoota Namummaa Heerota Naannolee Keessatti Caqasaman (wayitii 4)	• Waa'ee mirgoota walqixxummaafi mirgoota namummaa gaaffilee xiinxala barannoo barattoota gaafadhu. • Gareen ta'anii mari'achuun qoqqooddaa mirgoota namummaa akka adda baasan barattoota jajjabeessi. • Barattootni waa'ee barmaatilee Itoophiyaa miidhaa keessatti geessisan caayaa qo'achuufi ga'ee adda addaa taphachuun akka agarsiisan taasisi.	• Gaaffilee adda addaa gaafadhu. • Hojii garee isaaniiif kenname haalaan hojjechaa jiraachuu isaanii hordofi. • Duub-deebii ijaaraa ta'e kenniif.

• Bar-maatilee Itoophiyaa keessatti miidhaa geessisan ni ibsu. • Bar-maatilee kabajamuu mirgoota dubartoota Itoophiyaa keessatti miidhaa geessisuu danda'an adda ni baasu. • Hiyyummaafi dhabamuun walqixxummaa hudhaalee kabajamuu mirgoota namummaa Itoophiyaa akka ta'an ni ibsu. • Saamichi humna daa'immanii, jarmiyaalee dadhabooniifi hanqinni diimokiraasii hudhaalee kabajamuu mirgoota namummaa Itoophiyaa keessatti ta'uu isaanii ni himu • Waldhabdeefi buqqaatiin hudhaalee kabajamuu mirgoota namummaa Itoophiyaa akka ta'an ni ibsu.	5.3. Hudhaalee Mirgoota Namummaa Itoophiyaa (wayitii 7) □ Barmaatilee Miidhaa Geessisan □ Dhabamuu walqixxummaafi hiyyummaa □ Daa'imman humnaa ol hojjechiisuu □ Buqqaatiifi walitti bu'iinsa □ Jarmiyaalen laafoo ta'uu □ Dhabamuu diimokiraasii	• Barattootni barmaatilee miidhaa dhaqqabsiisan ta'anii kanneen mirga namummaa isaanii irratti dhiibbaa geessisan akka adda baasan jajjabeessi. • Hudhaalee Mirgoota Namummaa Itoophiyaa irratti akka mari'atan taasisi. • Guduunfaa gabaabaa barnnoowwan boqonnaa hunda irratti kenni.	• Gaaffilee gaafatte irratti duub-deebii ifa ta'e kennuun haala barachuu isaanii akka fooyyeffatan taasisi. • Marii barattootaa hordofuun calaqqee kenniif.
---	---	---	--

BOQONNAA JA'A:**WALDHABDEE FURUUFU NAGEENYA MIRKANEESSUU (wayitii 19)****Xumura boqonnaa kanaatti barattootni:**

- Yaad-rimee nageenyaafi waldhabdee ni hubatu.
- Barbaachisummaa nageenya mirkaneessuu ni beeku.
- Ka'umsa waldhabdee ni tilmaamu.
- Tooftaalee waldhabdee ittiin furan adda baasuun ni xiinxalu.
- Dandeettiifi tooftaalee waldhabdee ittiin furan akkamitti hojii irra akka oolchan ni hubatu.
- Barbaachisummaa gahee dhaabbilee aadaa waldhabdee ittiin furan ni madaalu.

Ga'umsawwan	Qabiyyeewwan	Gochaalee barannoo	Tooftaalee Madaallii
- Waldhabdeen maal akka ta'e ni ibsu. - Yaad-rimee nageenyaa ni himu. - Hariiroofi garaagarummaa nagaafi waldhabdee gidduu jiru adda baafatu. - Sababoota waldhabdee adda ni baafatu. - Sababoota waldhabdee maatii, hiriyaafi mana barumsaatti uumamu ni ibsu. - Amala lammii gaarii maatii, obbolootaafi hiriya isaaniitti ni argisiisu. - Wal-dhabdeen maal akka ta'e ni ibsu. - Tooftaalee garagaraa waldhabdee ittiin hiikan adda ni baafatu.	6.1. Yaad-rimee nagaafi waldhabdee (wayitii 2) 6.2. Ka'umsa/sababoota waldhabdee (wayitii 11) 6.2.1 Wal-dhabdee Furuu 6.2.2 Toftaalee Waldhabdee ittiin furan	- Barattootni waa'ee waldhabdeefi nageenyaa irratti akka dudubbatan gaafadhu. - Barattootni caayaa qo'achuun maddoota waldhabdee adda akka baasan taasisi. - Barattootni waliin wal barsiisuu keessatti akka hirmaatan, caayaa qo'achuun ga'ee dhaabbileen xabboo hawaasaa waldhabdee ittiin furan akka taphatan taasisi.	- Daawwannaa, gaaffiifi deebii - Waliin wal barsiisuufi caayaa qo'achuu barattootaa daawwachuun duub-deebii kenniif. - Raawwii barattootaa hordofuun duub-deebii ijaaraa ta'e kenniif.

• Amaloota waliigaltee gaarii ni himu. • Ogummaa araarsaa/araarsituu gaarii ni ibsu • Gahee wal falmii seeraan waldhabdee furuu ni himu. • Ogummaa wal-dhabdee furuu jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti hojii irra ni oolchu. • Yaad-rimee nageenya mirkaneessu ni ibsu. • Faayidaa nageenya mirkaneessuun qabu ni himu. • Dhaabbilee aadaa waldhabdee hawaasaa furan adda ni baasu. • Gahee dhaabbilee aadaa waldhabdee furuun nageenya mirkaneessan ni xiinxalu. • Gahee dhaabbileen aadaa waldhabdee furuu keessatti qaban ni ibsu.	6.3 Nageenya Mirkaneessu (wayitii 2) 6.3.1 Faayidaa Nageenya Mirkaneessu (wayitii 19) 6.4 Dhaabbilee Xabboo Hawaasaa Waldhabdee ittiin furan (wayitii 4)	• Gaaffilee shaakala dhuunfaa kennuun barattootni barbaachisummaa nageenya mirkaneessuun qabu daree isaanii akka ibsan godhi. • Barattootni ga'ee taphachuufi caayaa qo'achuun tooftaalee garagaraa waldhabdee ittiin hiikan akka adda baafatan gargaari. • Barattootni waliin mari'achuun ga'ee dhaabbileen xabboo hawaasaa waldhabdee ittiin furan irratti calaqqee akka dhiyeessan taasisi. • Guduunfaa gabaabaa barnnoowwan boqonnaa hunda irratti kenni.	• Marii barattootaa hordofuun deebii isaanii irratti calaqqee taasisi. • Yommuu barattootni dandeettii waldhabdee furuu agarsiisan raawwii isaanii galmeessaa deemi. • Battallee (ammee)
--	---	--	--

BOQONNAA TORBA:**GADI FAGEENYAAN YAADUUFU DANDEETTII RAKKOO FURUU (wayitii 16)****Xumura boqonnaa kanaatti barattootni:**

- Yaada-rimee rakkoo furuu ni beeku.
- Gulantaalee gadi fageessanii yaaduufi rakkoo furuu ni hubatu.
- Barbaachisummaa gadi fageessanii yaaduun rakkoo furuu keessatti qabu ni madaalu.
- Akkamitti dandeettiin gadi fageessanii yaaduufi rakkoo furuu hojiirra akka oolu ni xiinxalu.

Ga'umsawwan	Qabiyyeewwan	Gochaalee barannoo	Tooftaalee Madaallii
• Yaad-rimee rakkoo furuu ni ibsu. • Gulantaalee rakkoo furuu ni tarreessu. • Tokkoon tokkoo gulantaalee rakkoo furuu ni ibsu. • Adeemsa murtii kennuu kessatti gulantaalee gadi fageessanii yaaduu adda ni baasu. • Adeemsa murtii kennuu kessatti tokkoon tokkoo gulantaalee gadi fageessanii yaaduu ni ibsu. • Dandeettii gadi fageessanii yaadufi rakkoo furuu ni gonfatu. • Dandeettii gadi fageessanii yaadufi rakkoo furuu ni dinqisiifatu • Amaloota gadi fageessanii yaaduufi rakkoo furuu ni ibsu	1.1. Hiikkoo rakkoo furuu (wayitii 1) 1.2. Gulantaalee rakkoo furuu. (wayitii 2) 1.3. Gulantaalee gadi fageessanii yaaduu adeemsa murtoo kennuu keessatti. (wayitii 4) 1.4. Dandeettiifi amaloota gadi fageessanii yaaduufi rakkoo furuu. (wayitii 5)	• Barattootni wa'ee gadi fageenyaan yaaduufi dandeettii rakkoo furuu irratti akka mari'atan gaafadhu. • Barattootni waliin wal barsiisuu keessatti akka hirmaatan, caayaa qo'achuun ga'ee gadi fageenyaan yaaduufi dandeettii rakkoo furuu irratti akka mari'atan jajjabeessi.	• Daawwannaa, gaaffiifi deebii • Waliin wal barsiisuufi caayaa qo'achuu barattootaa daawwachuun duub-deebii kenniif. • Raawwii barattootaa hordofi. • Duub-deebii ijaaraa ta'e kenni. • Samuda shaakala barattootaa ilaali.

• Tarsiimoowwan gadi fageessanii yaaduu barattoota keessatti gabbisan ni ibsu. • Barbaachisummaa rakkoo furuu keessatti gadi fageessanii yaaduu adda ni baasu. • Barbaachisummaa rakkoo furuu keessatti gadi fageessanii yaaduu ni tarreessu. • Barbaachisummaa rakkoo furuu keessatti gadi fageessanii yaaduu ni dinqisiifaatu.	1.5 Tarsiimoo gadi fageessanii yaaduu barattoota ittiin gabbisnu. (wayitii 2) 1.6 Barbaachisummaa dandeettii gadi fageessanii yaaduu rakkoo furuu keessatti. (wayitii 2)	• Gaaffilee shaakala dhuunfaa kennuun barattootni barbaachisummaa gadi fageenyaan yaaduufi dandeettii rakkoo furuu irratti akka mari'atan taasisi. • Barattootni gulantaalee gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu akka baafataniif jajjabeessi. • Gaaffilee shaakala garee kennuun barattootni tarsiimoo gadi fageenyaan yaaduun isaanii rakkoo furuu keessatti qabu akka adda baasan taasisi.	• Amala barattootaa hordofuun duub-deebii kenni. • Marii barattootaa hordofuun duub-deebii kenni. • Yommuu barattootni dandeettii gadi fageenyaan yaaduufi rakkoo furuu shaakalan raawwii isaanii galmeessi. • Qormaataan madaaluu ni dandeessa.
---	--	---	---

BARNOOTA LAMMUMMAA
QAJEELCHA BARSIIISAA

KUTAA 8^{FFAA}